

SEERA DHAALAA

© Falmataa Daboo Baraatin (LLB, LLM)

Na gunnamuuf:- 0911884013,Email=

felminet11@gmail.com

Amboo, Caamsaa 2015

BOQONNAA 1 DHAALA

KUTAA 1. TUMAALAA WALIIGALAA

Kutaa xiqqaa 1. -- Dhaala Saaquu fi wantoota dhaala keessatti hammataman

Kwt.826. - Dhaala saaquu

- 1) Namni tokko yoo du'e yeroo du'utti iddoo teessoo dhaabbataa du'aa sanaatti dhaalli ni saaqama.
- 2) Sababa du'a nama boqateetiin hafaa kan ta'an yoo ta'e malee bu'uura keewwattoota dambii kanaatin mirgoonni fi dirqamoonni dhaala keessatti argaman dhaaltota fi kennaa dhaamoo namoota argataniif ni darbu.

Kwt. 827.-- Dhaala keessatti wantoota hammataman 1. -- Baraarsa lubbuu

- 1) Du'aan fayyadamaa kan hin murteessine yoo ta'e yookan baraarsichi faayidaa dhaaltota du'aatiif kan taasifame yoo ta'e, waliigaltee baraarsa lubbuu du'aan mallatteesse raawwachuuf maallaqni kaffalamu qabeenya dhaalaa ta'u.
- 2) Haala biraa faallaa kanaan qabeenya dhaalaa hin ta'an.

Kwt. 828. - Sooramaa fi beenyaa

Sababa du'aatin firoota du'aatiif yookan dhirsaa yookan niitiidhaaf kaffaltiiwwan sooramaa yookan beenyaa kaffalaman qabeenya dhaalaa keessatti hin hammataman.

Kwt.829 - Gosoota dhaala adda addaa

- 1) Dhaalli du'aa dhaamoodhaan yookan dhaamoo malee ta'uu ni danda'a.
- 2) Dhaalli gariin dhaamoodhaan gariin dhaamoo malee ta'uu ni danda'a.
- 3) Qabeenyoonni du'aan dhaamoodhaan hin qoqqoodne dhaamoo malee warra dhaalaniif kennamu.

Kutaa xiqqaa 2.-- Dandeettii dhaaltuu ta'uu

Kwt.830 - Dhaaltuu ta'uuf ulaagaalee barbaachisan

Dhaaltuu qabeenya du'aa ta'uuf lubbuun jiraachuu fi dhaaltummaaf kan hin malle ta'uu dhabuudha.

Kwt.831.—Dhaaltonni du'aa lubbuun jiraachuu

- 1) Du'aan guyyaa boqatetti namni tokko lubbuun ni jira jedhamuun ragaa kan godhamu bu'uura tumaalee seera kana waa'ee tumaalee namootaa ilaallataniin ta'a. (kwt. 47-153).
- 2) Tumaaleen seera kanaa waa'ee badiisaa bu'aa hordofsiisaniifis raawwatamoo ta'u. (kwt.154-173)
- 3) Keewwata kanaan dambiiwwan bakka bu'anii dhaaluu ilaallatan kan eegamaniidha.

Kwt.832. - Namoota yeroo tokkotti walfaana du'an

Namoonni lama yookan namoonni baay'een yoo du'anii fi namoota kana keessaa boodarra kan du'e eenyu akka ta'e beekuun kan hin danda'amne yoo ta'e, dhaaltummaan tokko tokkoo namoota kanaa kan murtaa'u qabeenya namoota du'anii keessaa dhaaltummaa homaa osoo hin argatin boodarra akka du'eetti lakkaawwamee ni murtaa'a.

Kwt.833 -- Du'a dhaaltuu

Dhaaltummaa tokkoof namni dhaaltuu ta'e erga dhaalli saaqamee booda yoo du'e,mirgoonni dhaaltummaa dhaaltota isaatti darba.

Kwt.834. -- Daa'ima ulfaa'ame

Daa'imni ulfaa'ame seera kana keessatti bu'uura tumaalee waa'ee namoota jedhamanii ilaalamaniin dhaaltuu ta'uu ni danda'a.

Kwt.835.-- Dhaabbilee seeran mirga namummaa kennameef

Dhaabbileen seeran mirgi namummaa isaaniif kennamee fi addatti tajaajila tokkoof qabeenyonni ramadaman kennaa dhaamoo fudhachuuf dandeettii isaan dandeessisu seera kanaan dhaabbilee mirgi namummaa seeran isaaniif kennamee fi addatti tajaajila tokkoof qabeenyota ramadamanii tumaalee keewwattoota jedhaniitiin murtaa'u.(kwt.394-402,456 fi 501)

Kwt.836 - Daa'ima seeraa,gaa'ilaan ala dhalatee fi guddifatame

- 1) Daa'ima seeraa yookan daa'ima gaa'ilaan alaa du'aa yookan dhaaltuu isaa ta'uun dhaaltonni hanga gahee gahee isaan qaqqabuu murteessuu irratti bu'aa hordofsiisu homaa hin qabu.
- 2) Akkasumas seera kanaan kwt.557 waa'ee firooma dhiigaa fi firooma fuudhaa fi heerumaa ilaalchisee tumaaleen barreeffaman akkuma eegamanitti ta'ee ijoolleen guddifatamanis akkuma ijoollee birootti lakkaawwamu.

Kwt.837. - Saala,umurii fi lammummaa dhaaltuu

Saalli,umurii fi lammummaan dhaaltuu murtee mirga dhaaltummaa isaa keessatti garaagarummaa kamiyyuu kan hordofsiisan miti.

Kwt.838 - Dhaaltummaaf kan hin malle ta'uu dhabuu -- 1. Yakkoota yookan adabbiiwwan

Du'aa dhaaluuf kan hin malleedha jedhamee mirga dhaaltummaa namni dhabu:-

- a) Du'a yookan dhalattoota du'aa gara gadiitti lakkaawwaman irratti yookan maatii du'aa gara oliitti lakkaawwaman keessaa tokko irratti yookan dhirsa yookan niitii du'aa itti yaadee yoo ajjeese
- b) Namoota kanneen keessaa tokko ajjeessuuf yaalii yoo godhe
- c) Sobaan yakkuun yookan ragummaa sobaatin namoota kanneen keessaa tokko irratti adabbii du'aa yookan hidhaa cimaa waggaa 10(kudhan) ol adabsiisuuf nama saaxileedha.

Kwt.839. - 2 Ibsa.

Namni dhaaltuu ta'e yakkicha yookan yaalii yakkichaa kan raawwate dhaalchisaan erga du'een booda dhalattoota gara gadiitti lakkaawwaman yookan maatii gara oliitti lakkaawwaman irratti yookan dhirsa yookan niitii du'aa irratti yoo ta'e armaan olitti kan jedhame mirga dhaaltummaa dhabuu irratti hin raawwatamu.

Kwt. 840. -- 3. Sababoota biroo

Haalli biraa du'aa dhaaluuf kan hin malleedha jechisiisan:-

- a) Haala fayyummaa qaamaa du'aa sababa godhachuun dhaalchisaan osoo hin du'in dura ji'oota 3(sadi) jiran keessatti dhaamoo akka taasisu,dhaamoo akka hin jijjiirre yookan dhaamoo akka hin diigne yoo dhoowwe
- b) Itti yaadee eeyyama dhaalchisaan ala dhaamoo dhumarra godhame yoo balleesse,akka hin argamne yoo godhe,yoo gate yookan dhimmicha osoo beekuu dhaamoo sobaatti yoo fayyadame mirga dhaaltummaa ni dhaba.

Kwt. 841. - 4. Dhiifama du'aan godhamu

- 1) Keewwattoota armaan olitti jiraniin mirga dhaaltummaa dhabuu kan tumame du'aan barreeffama ifaa ta'een dhaaltuudhaaf dhiifama gochuu isaa yoo beeksise raawwatamoo hin ta'u.
- 2) Kennaa dhaamoodhaan kennamu yoo ta'e,du'aan dhaamoodhaan kennaa kan raawwate dhaaltummaaf akka hin malle wanti taasise erga raawwatameen

booda fi dhimmichas beekeera yoo ta'e, haala kanaan mirga dhabuun hin jiraatu.

KUTAA 2. DHAALA DHAAMOO MALEE

Kwt.842. - Firooma sadarkaa tokkoffaa

- 1) Ijoolleen du'aa dhaaltota sadarkaa duraa du'aati.
- 2) Dhaala keessaas tokko tokkoon isaanii gahee walqixa ni argatu.
- 3) Ijoolleen du'aa yookan ijoollee du'aa keessaa tokko kan du'e yoo ta'ee fi dhalattoonni isaa gara gadiitti lakkaawwaman yoo jiraatan bakka isaa bu'anii ni dhaalu.

Kwt.843. - Firooma sadarkaa lammaffaa -1.Qajeeltoo

Du'aan dhalattoota gara gadiitti lakkaawwaman kan hin qabne yoo ta'e abbaa fi haati isaa dhaaltuu ta'u.

Kwt. 844. - 2. Raawwii isaa

- 1) Abbaa fi haati du'aa qabeenya dhaalaa qixxee qixxeetti qooddatu.
- 2) Abbaa fi haadha dursee kan du'e yoo ta'e bakka isaa ijoolleen isaa yookan dhalattoonni isaa gara gadiitti lakkaawwaman bakka isaa bu'anii ni dhaalu
- 3) Sararoota kanneen keessaa dhaaltuun sarara tokkorra jiru yoo dhabame,dhaalli guutuun dhaaltuu sarara biraa irra jiruuf kennama.

Kwt.845. - Firooma sadarkaa sadaffaa -1. Qajeeltoo

- 1) Du'aan dhalattoota gara gadiitti lakkaawwaman yookan abbaa yookan haadha yookan dhaaltonni isaanii gara gadiitti lakkaawwaman kan hin jirre yoo ta'e,akaakayyuwwan isaa dhaaltota ta'u.
- 2) Dhaalichi walakkaan isaa akaakayyuwwan gara abbaan jiraniif yookan dhalattoota isaa gara gadiitti lakkaawwamaniif ta'a. Dhaalichi walakkaan hafe immoo akaakayyuwwan gara haadhan jiraniif yookan dhalattoota isaanii gara gadiitti lakkaawwamaniif ta'a.

Kwt. 846. -- 2. Sarara firooma gara biraatiif dabarsuu

- 1) Akaakayyuun sarara dhaloota abbaa yookan haadhaa sanyii itti fufu osoo hin qabaatin yoo du'e,gaheen akaakayyuu dhaaltota sarara kanaatiif darba.
- 2) Akaakayyuun sarara dhaloota tokkoo sanyii itti fufu osoo hin qabaatin du'e qabeenya dhaalaa guutuun dhaaltota sarara firoomaa garee biraatiif darba.

Kwt.847. - Firooma sadarkaa arfaffaa ---1. Qajeeltoo

Dhaaltonni firoota sadarkaa sadaffaa kan hin jirre yoo ta'e,akaakileen du'aa dhaaltuu ta'u.

Kwt.848. - 2. Raawwii isaa

- 1) Walakkaan dhaalaa akaakilee sarara abbaa ta'aniif yookan dhalattoota isaaniif,walakkaan dhaalaa immoo akaakilee sarara haadhaa ta'aniif yookan dhalattoota isaaniif kennama.
- 2) Keewwata kana cita xiqqaa (1) olitti dubbatame akkuma eegametti ta'ee, du'aa booda akaakileen lubbuun jiru yookan dhalattoonni isa bakka bu'uu danda'an dhaalicha qixxeetti ni qooddatu.

Kwt.849 - Dambii "kan abbaa firoota abbaatiif kan haadha firoota haadhaaf" -1.Qajeeltoo

- 1) Du'aan osoo hin dhaamin yeroo du'e akkaataa dambii raawwannaa keewwatoota gara olii jiraniin qabeenya dhaabbataa du'aadhaaf dhaalan yookan kennaadhaan sarara firoota abbaa irraa darbaniif firoota sarara haadhaa ta'aniif abbaa lafummaatin kennuun hin danda'amu.
- 2) Haaluma kanaan qabeenya dhaabbataa du'aadhaaf dhaalaan yookan kennaadhaan sarara firoota haadhaa irraa darbaniif firoota sarara abbaa ta'aniif abbaa lafummaatin kennuun hin danda'amu.

- 3) Qabeenyi dhaabbataan dhaalaan yookan kennaadhaan akaakayyuu gara abbaa irraa argame dhaloota gara haadhaa ta'aniif akka hin darbine, akkasumas qabeenyi dhaabbataan dhaalaan yookan kennaadhaan akaakayyuu gara haadhaa irraa argame dhaloota gara abbaa ta'aniif akka hin darbine gochuudhaaf kan keewwata kana cita (1) fi (2) jalatti tumame dhaaltota sadarkaa lammaffaatis raawwatamoo ta'u.

Kwt.850 - 2. Raawwii isaa

- 1) Sababa tumaalee kwt.849 tin gaheen dhaalaa dhaaltuuf dhaala tokko irraa dhufeef kennamuu kan hin dandeenye yommuu ta'etti qabeenya dhaabbataa abbaa lafummaatin kennamuu hin dandeenye irratti mirga itti fayyadamaa qofatu kennama.
- 2) Kana irraa ka'uun dhaaltuu mirgoonni isaa irraa hir'ateef beenyaan kaffalamu homtuu hin jiru

Kwt.851.— 3.Daangeffama

Sarara gara abbaatin yookan sarara gara haadhaa gofaan dhaaltonni yoo jiraatan dambiin “kan abbaa firoota abbaatiif kan haadhaa firoota haadhatiif jedhu raawwatamaa hin ta'u.

Kwt.852.-- Mootummaadhaaf dabarsuu

Du'aan firoota hin qabu yoo ta'e dhaaltummaan qabeenyaa mootummaadhaaf darba.

Kwt.853. - Bakka bu'iinsa -1.Qajeeltoo

- 1) Bakka bu'iinsi yeroo jiraate goodinsi gadi dhufaatii dhalootaan raawwatama.
- 2) Ijoolleen nama bakka buufamee miila nama buufameetin seenanii mirga dhaaltummaa ni argatu.
- 3) Ijoolleen tokko yookan ijoollee baay'een nama bakka buufamee yoo du'an, ofuma isaa ijoollee isaanii bakka bu'ee seena.

Kwt.854. - 2. Dhaaltummaa dhiisuu

- 1) Namni dhaaltuu ta'e dhaaltummaa hin barbaadu yoo jedhe bakka bu'aan isaa itti seenuu hin danda'u.
- 2) Haa ta'u malee, nama dhaaltummaansaa hin barbaadu jedhame bakka bu'ee seenuu ni danda'a.

Kwt.855. - Dhaaltummaaf kan hin malle ta'uu

Ijoolleen yookan dhalattoonni isaa gara gadiitti lakkaawwaman biroo nama dhaaltummaaf kan hin malle ta'ee bakka bu'aa isaa ta'anii dhaaluu hin danda'an.

Kwt.856 - Barbaachisummaa walitti hidhamiinsa firooma seera qabeessaa

Namni bakka bu'aa ta'uu barbaadu du'aa wajjin walitti hidhamiinsa firooma seera qabeessaa hin qabu yoo ta'e bakka bu'aa ta'uu hin danda'u.

KUTAA 3. DHAAMOO

Kutaa xiqqaa 1. Ulaagaalee dhaamoo gati qabeessaa

A. Haalota murteessoo

Kwt.857. - Amala dhuunfaa hin jijjiiramne

- 1) Dhaamoon gocha amala dhuunfaa hin jijjiiramne du'aan matuma isaatiin raawwatuudha.
- 2) Namni tokko nama biraatiif maqaa isaatiin dhaamoo tokko akka taasisu, akka jijjiiru yookan akka diiguuf aangoo kennuu hin danda'u.
- 3) Namni tokko garee sadaffaan tokko dhaaltummaan isaa akkamitti akka murtaa'uu adda baasuu fi eenyuf akka dabarfamu akka raawwatu gochuu hin danda'u.

Kwt.858. - Dhorka dhaamoo waliinii

Namoonni baay'een barreeffama tokko gofaan dhaamoo kan dhaaman yoo ta'e raawwatiinsa hin qabu.

Kwt. 859. - Dhaamoo ilaalchisee waadaa seenuu

- 1) Dhaamoo taasisuuf, jijjiiruuf yookan diiguuf waadaan nama tokkoon taasifame bu'aa seeraa hin qabu.
- 2) Waadaan dhaamoo faallaa ta'e kamiyyuu yoo jiraate illee, yeroo kamiyyuu yoo ta'e dhaamoo taasisaan dhaamicha jijjiiruu yookan diiguu ni danda'a.

Kwt.860. --- Dandeettii 1. Ijoollee ga'eessa hin taane

Dhimmi dhaamoo ijoollee ga'eessa hin taaneen taasifamuu keewwatoota seera kanaan waa'ee namootaa jedhaniin ilaalama. (Kwt.308)

Kwt.861. - 2. Nama murtiidhaan dhorkame

Dhimmi dhaamoo nama murtiidhan dhorkameen taasifamuu keewwatoota seera kanaan waa'ee namoota murtiidhan dhorkamanii jedhaniin ilaalama. (Kwt.368)

Kwt.862. - 3. Aangoo Mana murtii

- 1) Manni murtii dhaamoowwan kanneen jiran keessatti jechi dhaamoo ilaalan dhaammataan sababa haala fayyummaa isaatiin kan hin taasisne yoo isaanitti fakkaate guutuun isaa yookan gariin isaa bu'aa akka qabaatu ni taasisu.
- 2) Haa ta'u malee, kennaan dhaamoon qarshii Itoophiyaa 10,000(kuma kudhan) ol ta'e haala kanaan mirkanaa'uu hin danda'an.
- 3) Akkasumas, ijoolleen seeraa nama murtiidhaan dhorkamee namoota dhaamoo malee dhaaltota ta'an irraa baay'ee yoo xiqqaate qabeenya dhaalaa keessaa 3/4 argachuu qabu.

Kwt.863. - 4. Hir'ina yaada sammuu/maraatummaa/

Dhaammataan yeroo dhaamicha taasisu hir'ina yaada sammuu (maraatuu) ta'uun isaa yoo beekame malee dhaamoon hin diigamu.

Kwt.864.—5. Nama seeraan dhorkame

Namni seeraan dhorkame waa'ee dhimma dhaamoo raawwachuu ilaallatu dandeettii guutuu qaba.

Kwt.865.—Raawwachiisa hin danda'amne

- 1) Jechi dhaamoo tokkoo haala gahaa ta'een fayyadamaa yookan dhimmicha yoo adda hin baafne bu'aa hin qabu.
- 2) Jechi dhaamoo keessatti barreeffame raawwatamuu kan hin dandeenye yoo ta'e fudhatama hin qabu

Kwt.866. - Jechoota dhaamoo seeran ala ta'an

Jechoonni dhaamoo keessatti hammachiifaman wanta faallaa seeraa yookan hamilee yoo ta'e bu'aa hin qaban.

Kwt.867. - Humna

- 1) Dhaamoo tokko keessatti jecha barreeffame dhaammataan kan taasisa humnaan yoo ta'e bu'aa hin qabu.
- 2) Kana yoo ta'e tumaaleen seera kanaa waliigalteewwan humnaan raawwataman ilaallatan haala walfakkaatuun raawwatamoo ta'u. (Kwt.1706-1709 fi 1808-1818)

Kwt.868.- Dhiibbaa irratti gochuu -1. Qajeeltoo

Jechi dhaamoo tokko keessa jiru nama fayyadamaa dhaamoo kanaa ta'e yookan nama biraa kamiyyuu dhaammataa irratti sababa dhiibbaa humnaa ol ta'e godheef hin diigamu.

Kwt.869.- 2. Faayidaa bulchaa yookan guddistuuf jecha dhaamoo godhamu

- 1) Faayidaa bulchaatiif yookan guddistuuf jecha dhaamoo du'aan godhame manni murtii irraa hir'isuu yookan diiguu ni danda'u.

- 2) Keewwata kana cita xiqqaa (1) jalatti kan dubbatame dhaammataan umurii waggaa 20(digdama) dura yoo du'e malee raawwatamoo hin ta'u.
- 3) Fayyadamtoonni jecha dhaamoo firoota du'aa gara oliitti lakkaawwaman yoo ta'e tumaan keewwata kana cita xiqqaa (1) kun raawwatamaa hin ta'u.

Kwt.870.- 3. Haakimoota fi Namoota mana amantaa

- 1) Du'aan ji'oota 6(ja'a) boqachuu isaa dura jiran keessatti faayidaa haakimoota wal'aansa yookan gargaarsa isaaf godhanii fi isa eeganii dhukkubsachiisaniif yookan faayidaa nama biroo hojii ogummaa isaatiin deeggarsa yaalaa fi afuuraan jajjabeesseef dhaamoo du'aan godhame manni murtii irraa hir'isuu yookan diiguu ni danda'a.
- 2) Tumaa keewwata kana cita xiqqaa (1) tin haakima jechuun nama kamiyyuu seeran alas yoo ta'e du'aadhaaf gargaarsa yaalaa godheef yookan ajajeef jechuudha.
- 3) Jecha dhaamootin namni fayyadamaa ta'e firooma dhiigaa yookan firooma fuudhaf heerumaa du'aa yookan dhirsa yookan niitii yoo ta'e,tumaan keewwata kanaa raawwatamoo hin ta'u.

Kwt.871.- 4. Nama aangoo galmeessaa qabuuf yookan ragoolee dhaamoo

Jecha dhaamoo du'aan nama aangoon galmeessaa qabuuf,muudamaa mana galmeef,ragaadhaaf yookan hiiktuu afaaniif taasise manni murtii irraa hir'isuu yookan diiguu ni danda'a.

Kwt.872. --5.Dhirsa yookn niitii dhaammataa

Du'aan gaa'ila dursee raawwate irraa dhalattoota kan qabu yoo ta'e faayidaa abbaa manaa yookan haadha manaa boodatiif jecha dhaamoo taasise manni murtii irraa hir'isuu yookan haquu ni danda'a.

Kwt.873.—6. Giddu seentummaa namootaa

Keewwatoota armaan olitti jiran keessatti namoota ibsaman keessaa faayidaa dhalattoota yookan maatii yookan dhirsa yookan niitiif jecha dhaamoo taasifaman manni murtii hir'isuu yookan diiguu ni danda'a.

Kwt.874. -7. Hir'isiisuuf yookan diigsisuuf iyyannoo dhiyaatu

- 1) Du'aan jecha dhaamoo faayidaa dhirsaaf yookan niitiif yoo taasise,gaaffiin jecha dhaamoo hir'isiisuu yookan diigsisuu dhalattoota du'aa qofaan yoo dhiyaatedha.
- 2) Dhimma biroo keessatti maatii du'aa gara oliitti lakkaawwaman yookan dhalattoota gara gadiitti lakkaawwaman yookan dhirsi yookan niitiin mana murtiif dhiyeessuu ni danda'u.
- 3) Namni jecha dhaamoon fayyadamaa ta'e dhaamichi akka raawwatamuuf guyyaa gaaffii dhiyeesse irraa eegalee ji'a 3(sadi) keessatti jechi dhaamoo akka hiri'famu yookan diigamu jedhee gaaffii yoo dhiyeessuu baate fudhatama hin argatu.

Kwt.875. - 8. Manni murtii sababa isaa ibsuu kan qabu ta'uu

Jechi dhaamoo du'aan dhaammate hir'isuun yookan diiguun sirriidha sababa jedhaniif murtii keessatti ibsuu qabu.

Kwt.876.—Daba

Jechoota dhaamoo tokko keessa jiran dhaammataan sababa dabaan kan raawwateedha jechuun diigsisuun hin danda'amu.

Kwt.877. - Dogoggora

- 1) Dogoggorri yeroo keessatti argame tumaalee seera kanaa sababa dogoggoraatin waliigalteewwan diiguu ilaallatan haala walfakkaatuun raawwatamoo ta'u. (Kwt.1697-1705 fi 1808-1818)

- 2) Jechi dhaamoo tokko keessa jiru dogoggora dhaammataan raawwatame jedhamuun diigamuu kan danda’u fedhii dhaammataa kanaa irratti dogoggorri dhiibbaa godhe hiikoo dhaamoo sanaan yookan sanada dhaamicha ilaallatee barreeffameetiin ifa ta’ee yeroo argame qofattiidha.

Kwt.878. -- Jechi dhaamoo diigamuun bu’aa hordofsiisu

Diigamuun jecha dhaamoo keessatti barreeffamee tokko jecha dhaamoo diigamuu fi jechoota dhaamoo biroo gidduu wanti walitti hidhu yoo jiraate malee jechi dhaamoo tokko keessa jiru diiguun jechoota biroo dhaamicha keessa jiran diiguu hin hordofsiisu.

Kwt.879. - Jechoota oolmaa fi dirqamoota gatii hin qabne

- 1) Dhaammataan kennaa dhaamoo tokko oolmaa tokkoof kan kenne yookan dirqama tokko waliin kan kenne yoo ta’e, oolmaan yookan dirqamni kun kan hin danda’amne yookan faallaa seeraa yookan faallaa hamilee yoo ta’e akka hin barreeffamneetti lakkaawwama.
- 2) Kana ta’ees oolmaa yookan dirqama kamuu raawwachuun dhaammataan sababa dursaa dhaamicha raawwateef yoo ta’e iyyuu kennaan dhaamoo kan diigamu hin ta’u.

B. Hundeessa fi Ragaawwan dhaamoo

Kwt.880. - Gosoota dhaamoo

Gosoota dhaamoo 3(sadi) tu jira. Isaaniis:-

- a) Dhaamoowwan ifaa; fi
- b) Dhaamoo barreeffamaa dhaammataan godhamuu fi
- c) Dhaamoo afaaniin godhamuudha.

Kwt.881. - Dhaamoo ifaa -1. Hundeessa

- 1) Dhaamoon ifaan raawwatamu dhaammataan dubbataa namni biraa yookan dhaammataan matuma isaan kan barreessuudha.
- 2) Dhaamichi dhaammataa fi ragoolii afur fuulduratti kan dubbifame yoo ta’ee fi ulaagaa kana kan guuttatee fi guyyaa barreeffames kan agarsiisu yoo ta’e malee fudhatama hin qabu.
- 3) Dhaammataa fi ragooliin isaa battaluma sana mallattoo isaanii yookan agarsiistuu quba guddaa isaanii yoo irratti godhan malee fudhatama hin qabu.

Kwt. 882. - 2. Baay’ina ragoolii

Dhaamoon ifaan taasifamu ragoolii keessaa tokko abbaa seeraa yookan nama waliigaltee galmeessuuf aangoon kennameef ta’ee dhaamichis kan taasifame kutaa hojii abbaa seeraa sanaa yookan kutaa hojii nama waliigaltee galmeessuuf aangoon kennameef sanaa keessatti kan raawwatame yoo ta’e, dhaamichi gatii qabaachuuf ragoolii 2(lama) gahaadha.

Kwt. 883. -- 3. Dandeettii ragoolii

- 1) Ragooliin dhaamoo ifaan raawwatamee ga’eessa yookan murtiidhaan kan hin dhorkamne yookan seeraan kan hin dhorkamne ta’uu qabu.
- 2) Ragooliin afaan dhaamichi ittiin barreeffame beekuu fi kan barreeffame dhaga’uuf yookan dubbisuuf dandeettii kan qaban ta’uu qabu.
- 3) Ulaagaaleen kunneen kan hin guutamne yoo ta’e dhaamichi fudhatama hin qabu.

Kwt. 884. - Dhaamoo barreeffama dhaammataan taasifamu -1. Hundeessa

- 1) Dhaamoon barreeffamaa dhaammataan taasifamu dhaammataan guutuu ofiin kan barreesse yoo ta’e malee fudhatama hin qabu.
- 2) Dhaamoo ta’uu isaa ifaan kan agarsiifne yoo ta’e fudhatama hin qabu.
- 3) Tokkoon tokkoo waraqaawwan dhaamoon irratti taasifamee dhaammataan mallattoo fi guyyaa irratti barreessuu yoo baate fudhatama hin argatan.

Kwt. 885. - 2. Dhaamoo maashina maxxansaan barreeffame

Dhaammataan dhaamoo taasise ofuma isaatin maashina maxxansaan kan barreesse yoo ta'e fuula hundarratti haala kana barreeffama harkaatin yoo agarsiise malee fudhatama hin qabu.

Kwt. 886 -- 3. Dhaammataa barreeffama dhaamoo beekuuf dandeettii hin qabne

Dhaamoo barreeffama harkaa dhaammataan taasifame dhaammataan nama hin baranne ta'uu isaatiin yookan afaan dhaamichi ittiin barreeffame wallaaludhaan hiikoo isaa jechoota hin beekneen kan barreesse yoo ta'e fudhatama hin qabu.

Kwt. 887. - Guyyaa dhaamoon itti taasifame

- 1) Dhaamoo ifaan yookan dhaamoon barreeffama dhaammataan taasifamu guyyaa,ji'a fi bara yookan ibsawwan kana fafakkaatan hin qabu yoo ta'e fudhatama hin qabu.
- 2) Kana ta'ees sababni sobaan barreeffameef dagannoon ta'uu isaa fi guyyaan sirriin dhaamichi itti raawwatame barreeffama dhaamicha irra jiruun yookan sanadoota barreeffamaa biroo du'aa biraa argamaniin gargaaramuun sirrummaan isaa mirkanaa'uu kan danda'e yoo ta'e,dogoggorri guyyaa barreeffama dhaamoo irratti ibsame diigamiinsa dhaamichaa hin hordofsiisu.

Kwt. 888. - Ragaa caqasuun dhaamoo taasifamu

Jechi dhaamoo ifaa yookan dhaamoo barreeffama dhaammataan taasifamee hubatamuu hin dandeenye barreeffama biroo dhaammataan hin barreessinee fi irratti hin mallatteessineen yoo utubaman malee fudhatama hin qabu.

Kwt.889. - Laaqamaa,haqamaa fi jecha walirratti barreeffame c

- 1) Dhaamoo ifaa yookan dhaamoo barreeffama dhaammataan taasifame laaqamni yookan haqaan yookan jechi walirratti barreeffame eeyyama dhaammataa jijjiiruu danda'u yoo ta'e fudhatama hin qaban.
- 2) Kana ta'ees yaada dhaammataa fi haalota biroo naannichaa kamiyyuu tilmaamudhaan jecha dhaamoo dhiyaate irraa jecha adda bahe ta'uu kan danda'u yoo ta'e, jecha dhaamoo laaqama,haqama yookan jecha walirratti barreeffame qabu qofatu fudhatama dhaba.

Kwt.890. - Wantoota dabalataa

- 1) Dhaamoon ifaan tokko cinaa isaatti yookan sararoota gidduutti yookan mallattoo ragoolee booda wantoota dabalaman kan qabu yoo ta'e, tumaaleen kwt.889 ni raawwatamoo ta'u.
- 2) Dhaamoon barreeffama dhaammataan taasifamu wantoota dabalaman kanaan fudhatama hin dhaban.

Kwt.891. - Dhaamoo kaa'uu

- 1) Dhaamoo ifaan yookan dhaamoon barreeffama dhaammataan taasifame nama sadaffaa tokko bira keessattuu galmeessaaf nama aangoo qabu bira yookan mana galmee mana murtii bira kaa'amuu ni danda'a.
- 2) Dhaamoon nama galmeessaaf aangoo qabu yookan mana galmee mana murtii keessa namootaaf kaa'amu tokko tokkoon isaanii galmee walduraa duuba qubee maqaa isaaniitiin qabate ni qabaata.
- 3) Galmeen kunis guyyaa dhaamoon itti taasifame agarsiisuu qaba.

Kwt.892. - Dhaamoo afaanii -1.Hundeessa

- 1) Dhaamoo afaanii jechuun namni duuti isaa kan hin oolle ta'uun itti dhaga'amee jechoota fedhii isaa isa dhumaa ragoolii lamaaf kan kennu jechuudha.
- 2) Ragooliin dhaamoo afaanii ga'eessa kan ta'anii fi murtiidhan yookan seeran kan hin dhorkamne ta'uu qabu.

Kwt.893. - 2. Qabiyyeewwan isaa

- 1) Dhaalchisaan dhaamoo afaaniin wanti taasisuu danda’u :-
 - a) Sirna awwaalcha isaa wantoota ilaallatan irra ajaja kennuu
 - b) Qabeenya dhaalaa tokko tokko gatiin isaa tilmaama qarshii Itoophiyaa 500(dhibba shan) hin caallef kennaa dhaamoo taasisuu
 - c) Murteewwan bulchiinsa yookan guddisa ijoollee ga’eessa hin taane ilaallatan kennuu ni danda’a.

Kwt.894.— 3. Uggura

- 1) Jechi dhaamoo biraa dhaamoo afaanii keessa gale kamiyyuu fudhatama hin qabu.
- 2) Dhaamoo afaanii tokko keessatti kenni dhaamoo qabeenya dhaalaa gatiin qarshii Itoophiyaa 500(dhibba shan) ol ta’e taasifame yoo ta’e,hanga sanatti gadi hir’ifama.

Kwt.895. -Dhaamoo tokkoo ol

- 1) Murtiiwwan dhaamoo namni tokko taasise dhaamoo tokko yookan dhaamoowwan baay’ee keessa jiraachuu ni danda’u.
- 2) Hanga waliin raawwatamuu danda’anitti dhaamoowwan adda addaa walumaan raawwatamoo ta’u.
- 3) Jechoonni dhaamoo lama walfaana lachanuu raawwachuun kan hin danda’amne yoo ta’e, jecha dhaamoo boodarra jiru keessa jirutu filatama.

Kwt.896. - Dhaamoo mirkaneessuu -1. Nama mirkaneessuu qabu

Jecha dhaamoo keessa teessifamee fi jiraachuu dhaamoo hubachiisuu kan qabu nama dhaamoo kanaan ani fayyadamaa jedhuudha.

Kwt.897. - 2. Haala itti hubachiifamu

- 1) Dhaamoo ifaa yookan dhaamoo barreeffama dhaammataan taasifame jiraachuun kan mirkanaa’u barreeffama dhaamichaa haadhoo dhiyeessuun yookan nama galmeessuuf aangoo qabu yookan muudamaa murtii mana galmee biratti sirrummaan isaa mirkanaa’e garagalcha isaa dhiyeessuudhaan ta’a.
- 2) Dhaamoowwan raawwachiisuuf karaa biraa kamiyyuu hubachiisuun hin danda’amu.
- 3) Balleessaadhaan yookan dagannoodhaan dhaamichi akka badu nama godhe irra beenyaa gaafachuuf karaa kamiinuu dhaamoowwan hubachiisuu ni danda’a.

C. Diigamuu fi Kufaa ta’uu Dhaamoowwanii**Kwt.898. --- Ifaan diiguu**

- 1) Dhaammataan dhaamoowwan isaa akka gatii qabaanneef akkaataa barbaadamuun ifa godhee kan ibse yoo ta’e, dhaamichi guutummaan guutuutti kan diigamu ta’a.
- 2) Dhaammataan akkaatuma kanaan murtee jecha dhaamoo tokko waliin raawwatamuu hin dandeenye kan taasise yoo ta’e, dhaamichi gartokkeen kan diigamu ta’a.

Kwt.899. - Balleessuu yookan haquu

- 1) Dhaammataan dhaamoo isaa diiguuf yookan jijjiiruuf yaada qabu haala quubsaan ibsee dhaamicha balleessuudhaan yookan tarsaasudhaan yookan qabiyyee isaa haquudhaan jecha dhaamoo yookan jecha dhaamoo keessatti ibsame tokko diiguu ni danda’a.
- 2) Karaa biraatin kan mirkanaa’e yoo jiraate malee, dhaammataan gochoota armaan olii keessaa tokko kan raawwate yoo ta’e, dhaamoo isaa diigudhaaf fedhii akka qabutti tilmaamama.

- 3) Karaa biraatin kan mirkanaa'e yoo jiraate malee, dhaamoon baduun yookan haqamuun gocha dhaammataadhaan raawwatame jedhamee tilmaamama.

Kwt.900 --- Wanta dhaamoodhaan kenname nama biraatiif dabarsuu

- 1) Dhaamoodhaan wanta kenname guutummaan yookan gartokkeen nama biraatiif akka darbu fedhii dhaammataan yoo taasifame kenna dhaamoo fudhatama dhabsiisa.
- 2) Wanti dabarfame deebi'ee harka abbaa qabeenyaa yoo gales dhaamoon sun akka diigameetti lakkaawwama.

Kwt.901. --- Bu'aa diiguun hordofsiisu

- 1) Jechi faallaa yoo jiraate malee diigamuun dhaamoo tokkoo jecha dhaamoo dursee taasifame tokkoo hin raggaasisu.
- 2) Iddoo jechoota dhaamoo diigamanii namni jechoonni dhaamoo haaraa bakka bu'aniif sababa dandeettii dhabeen yookan kennicha hin fudhadhu jedheef yookan sababa biraa kamiifiyyuu raawwatamuu kan hin dandeenye ta'u iyyuu jechoonni dhaamoo diigaman raawwatiinsa argachuu hin qaban.

Kwt.902. --- Dhaamoon afaanii hafaa ta'uu

Dhaamoon afaaniin taasifame guyyaa dhaamoon sun taasifame irraa eegalee ji'a 3(sadi) booda dhaammataan yeroo kana lubbuun jira yoo ta'e hafaa ta'a.

Kwt.903. - Dhaamoon barreeffama dhaammataan taasifamu hafaa ta'uu

Dhaamoon barreeffama dhaammataan taasifame hafaa kan ta'u dhaamoon taasifamee yeroo waggaa 7(torba) keessatti galmeessuuf nama aangoo qabu bira yookan galmee mana murtii keessa kan hin kaa'amne yoo ta'eedha.

Kwt.904. --- Dhalachuu daa'ima -1. Qajeeltoo

- 1) Dhaamoo tokko keessatti kennaawwan waliigalaa yookan kennaawwan addaa ibsaman jechi faallaa biraa yoo jiraates dhaamoo booda dhaammataan daa'ima tokko yoo dhalchee fi daa'imni kunis dhaala fudhachuuf fedhii kan qabu yoo ta'e, kennaawwan sun hafaa ta'u.
- 2) Guyyaa dhaamoo booda dhalataan dhaammataa gadi lakkaawwamu kan dhalate ta'ee bakka bu'iinsan dhaaluuf dhiyaatee fedhii isaa kan agarsiise yoo ta'e, kan keewwata kana cita xiqqaa (1) haala walfakkaatuun ni raawwatama.

Kwt.905. - 2. Ilaalcha addaa

- 1) Akkaataa kwt. 904 keessatti caqasametti dhaammataan dhimmicha osoo beekeera ta'ee kennicha hin hambisu ture jedhamee kan tilmaamamu yoo ta'e, manni murtii kennaawwan dhaamoodhaan kennaman guutummaan yookan gartokkeen ragga'an gochuu ni danda'a.
- 2) Daa'imni dhaammataan dhalche yookan dhalataan dhaammataa gadi lakkaa'amu baay'ee yoo xiqqaate 3/4 qabeenya dhaalaa sababa kamiinuu argachuu qabu.

Kwt.906. - Dhirsa yookan niitiif jedhamee kennaa dhaamoo taasifamu

Du'aan dhirsaaf yookan niitiif jedhee jechi dhaamoo keessa teessise kufaa kan ta'u gaa'illi du'aan dhirsa yookan niitii waliin raawwate kan diigame du'uu isaatin osoo hin taane sababa biraatin yoo ta'eedha.

Kwt.907. --- Kennaan dhaamoo hafaa ta'uu --1. Qajeeltoo

Kennaan dhaamoo nama tokkoof taasifame hafaa kan ta'u namni dhaamoon taasifameef dhaammataa dursee kan du'e yookan kennaa dhaamoo taasifameef fudhachuu kan dadhabe yookan fedhii kan dhabe yoo ta'eedha.

Kwt.908. --- 2. Bakka bu'iinsa

Namni kennaan dhaamoo taasifameef dhaammataa dursee kan du'e yoo ta'e, bakka bu'iinsi jiraachuu kan danda'u :-

- a) Kennaan dhaamoo qabeenya du'aa waliigalaan kan hammate yoo ta'e

- b) Kennaa addaa yeroo ta'etti fudhataan dhabamuudhaan qabeenyi isaa mootummaadhaaf kan darbu yoo ta'eedha.

Kutaa Xiqqaa 2.—Qabiyyee fi hiikkoo dhaamoowwanii

Kwt.909. --- Jechoota dhaamoo addaa addaa

Dhaammataan dhaamoo isaa keessatti:-

- a) Dhaaltota qabeenya tokkoo yookan qabeenya waliigalaa baay'ee gochuu
- b) Kennaa dhaamoo addaa taasisuu
- c) Dhaaltota tokko yookan baay'ee ta'an dhaala irraa buqqisuu yookan dhaabbata tola ooltummaa tokko yookan dhaabbata imaanaadhaan qabeenya eeguu hundeessuu
- d) Ajajoota sirna awwaalcha isaa ilaallatan kennuu
- e) Du'a isaa booda seerri kun yookan seeronni addaa bu'aa seerummaa ni qabaatu jedhu yaadota hubachiisan biroo hunda taasisuu ni danda'a.

Kwt.910. --- Hiikaa

- 1) Shakkii yeroo uumutti dhaamicha mataasaa keessatti yookan wanta naannoo biraa ilaaluudhaan fedhii dhaammataati jedhamee bu'uura tilmaamameen dhaamoon hiikkamuu qaba.
- 2) Ta'ees jechi dhaamoo ifaa yoo ta'e fedhiin dhugaa fi sirrii dhaammataa isa kamiidha jedhee hiikkoo kennuuf jecha dhaamoo irraa fagaachuu hin eeyyamu.

Kwt.911. --- Tilmaama

- 1) Dhaammataan ibsama dhaaltonni koo yookan qabeenyoni koo yookan qabeenya dhaabbataa koo jecha jedhuun dhaameera yoo ta'e, jechoonni kanneen hiikoo dhaammataan guyyaa gaafa du'u qaban ilaaludhaan akka dubbateetti tilmaamama.
- 2) Waa'ee kanaaf ragaa faallaa tilmaama kanaa dhiyeessuun ni danda'ama.

Kwt.912. --- Kennaa dhaamoo waliigalaa fi kennaa dhaamoo addaa

- 1) Kennaa dhaamoo waliigalaa jechuun dhaammataan qabeenya isaa guutummaan yookan qabeenya isaa hunda keessaa kutaa tokko abbaa qabeenyummaa guutuudhaan yookan abbaa qabeenyummaa duwwaadhaan jecha dhaamoo nama tokkoof yookan namoota baay'eef ittiin dhaalchisaniidha.
- 2) Jechi dhaamoo biraa kamiyyuu akka jecha dhaamoo addaatti lakkaawwama.

Kwt.913. --- Kennaa dhaamoo fi dambii ittiin qoodamu

Jechi dhaamoo yaada faallaa dhaammataa kan ibsu yoo ta'e malee, qabeenya dhaalaa keessaa qabeenya tokko du'aan dhaaltotaaf keessaa tokkoof kennuun dambii qoodiinsaa dasiiba malee akka kennaa dhaamootti hin lakkaa'amu.

Kwt.914. - Dhaaltuu qabeenya guutuu tokko muuduu -1. Qajeeltoo

Dhaaltuu qabeenya guutuu fuudhu muuduun qajeeltoo addaa kamiyyuu hordofuu hin qabu.

Kwt.915. -- 2. Bu'aawwan isaa

- 1) Faallaan jecha dhaamoo ifaa ta'e yoo jiraate malee, qabeenya guutuu kennaa dhaamoon namni argate akka nama dhaamoo malee dhaaltuu ta'eetti lakkaawwama.
- 2) Namoonni biroo kennaan dhaamoo isaaniif taasifamee fi dhaaltonni dhaamoo malee kan hin jirre yoo ta'e, dhaala guutuusaa fudhachuu mirga qaba.
- 3) Dhaammataan haala ifa ta'een namni kennaa dhaamoo guutuu kennameef dhaala keessaa kutaa tokkoo ol hin argatu jedhee dhaamicha keessatti ibsuu ni danda'a.

Kwt.916. - Kennaa dhaamoo haala irratti hundaa'e -- 1. Qajeeltoo

Kennaawwan dhaamoo guutummaan yookan addatti taasifaman haalli tokko yoo qaqqabe kan ragga'an yookan haalli tokko yoo qaqqabe kan hafan ta'anii taasifamuu ni danda'u.

Kwt.917.-- 2. Gadaba fuudhuu yookan fuudhuu dhabuu

- 1) Kennaan dhaamoo namni kennameef addatti nama tokko haa fuudhu yookan hin fuudhin jedhamee gadabni dhaamoo taasifamu gatii kan qabuudha.
- 2) Haala waliigalaatin gadabni dhaamoon namni tokko akka hin fuudhe yookan irra deebi'ee akka hin fuune dirqisiisu fudhatama hin qabu.
- 3) Dhaaltuun hanga fuudhutti yookan irra deebiin hanga fuudhuutti qabeenya murtaa'e tokkotti fayyadamuu yookan qallaba murtaa'e tokko kennaa dhaamoo taasifameefiin ni argata jedhee dhaammataan murteessuu ni danda'a.

Kwt.918. -- 3. Tilmaama

- 1) Jecha faallaa biraa ifaa ta'e dhaammataan yoo qabaate malee, namni kennaan dhaamoo taasifameef wanta murtaa'e tokko akka hin raawwanne jedhamu gadaba kennaa dhaamoo haala irratti hundaa'ee kenname bifa hambisuun akka taasifameetti lakkaawwama.
- 2) Dhaaltuun wanta murtaa'e tokko akka raawwatu jedhamuun dhaamoon haala irratti hundaa'ee kennamus akkasumatti lakkaawwama.

Kwt.919. -- 4. Mirkaneessituuwwan

- 1) Kennaan dhaamoo du'aan taasise haalli tokko yoo qaqqabe kennichi ni hafa jechuun gadaba taasiseera yoo ta'e, haalli kennaa kana hambisu kan qaqqabe yoo ta'e qabeenya kenname deebisuuf wabummaa mirkaneessa ta'u yookan wabummaan biraa akka kennamuuf namni abbaa mirgaa ta'e bu'uura gaaffii dhiyesseen manni murtii nama kennaan dhaamoo taasifameef dirqisiisuu ni danda'u.
- 2) Kennaan dhaamoo du'aan taasise haalli tokko yoo qaqqabe kennichi ni ragga'a jechuun gadaba taasiseera yoo ta'e, haalli kennaa kana raggaasisu kan qaqqabe yoo ta'e namni qabeenyan kennaa dhaamoo harka jiru nama kennaan dhaamoo taasifameefitti dabarsee kennuuf wabummaa mirkaneessa ta'u yookan wabummaan biraa akka kennamuuf namni abbaa mirgaa ta'e bu'uura gaaffii dhiyesseen manni murtii nama kennaan dhaamoo taasifameef dirqisiisuu ni danda'u.

Kwt.920.—Dirqama -1.Qajeeltoo

Dhaammataan qabeenya dhaaltota isaa yookan namoota kennaan dhaamoo taasiseef qaqqabu irratti addatti namni tokko yookan namoota baay'een tajaajila tokko akka kennuun dirqama isaanii akka ta'e dhaamoo isaatin murteessuu ni danda'a.

Kwt.921.—2. Daangaa dirqamaa

Dhaaltuun yookan namni kennaa dhaamoo kennameef dirqama isatti kenname kan raawwatu hanga dhaala yookan kennaa dhaamoo isa qaqqabee yoo ta'e malee,dirqisiifamuu hin danda'u.

Kwt.922. ---3. Dirqama raawwachu

- 1) Dirqama sanaan namni fayyadamaa ta'e wanti isaaf ajajame akka raawwatamuuf gaafachuu ni danda'a.
- 2) Akkasumas, sababoota gocha naannoo sanaatiin barbaachisaa ta'ee yoo mul'ate dirqama sana raawwachuuf wabii tokko yookan mirkaneessa biraa akka kennan dhaaltuu yookan nama kennaan dhaamoo taasifameef gaafachuu ni danda'a.

- 3) Akkasumas, namni dhaalchisaan filate yookan namni filatame hin jiru yoo ta'e, tokko tokkoo dhaaltota du'aa yookan namoota kennaan dhaamoo waliigalaa kennameef mirga akkasii ni qabaatu.

Kwt.923. -- 4. Kenna dhaamoo diiguu

- 1) Dhaammataan ifaan kan ibse yoo ta'e malee, dirqama dhaamoodhaan murtaa'e raawwachuu dhabuun kenna dhaamoo hin diigsisu.
- 2) Gareewwan sadaffaan qabeenya dhaamoo laphee qulqulluun argatan mirgi isaanii eegamaadha.

Kwt.924. --- Nama kenna dhaamoon fayyadamaa ta'e murteessuu

- 1) Namni kenna dhaamoon fayyadamaa ta'e haala gahaa ta'een murtaa'era kan jedhamu namoota kutaa tokko keessa ta'an keessaa dhaaltuun, namni kenna dhaamoo waliigalaa taasifameef yookan namni biraa akka filatu dhaamoon sun kan dirqisiisu yoo ta'eedha.
- 2) Manni murtii iyyannoo nama dhimmicha irraa dantaa qabuutin namni kenna dhaamoon nama fayyadamaa ta'e filatu filannoo isaa yeroo keessatti gaggeessu murteessuufii ni danda'u.
- 3) Kana osoo hin beeksisin kan dadhabe yoo ta'e yookan beeksisuu kan dide yoo ta'e, manni murtii fedhii dhaammataa haala fooyyee qabuun kan raawwachiisudha jedhee karaa tilmaameen namni biraa fayyadamaa akka filatu ni taasisa.

Kwt.925. --- Kenna dhaamoo hiyyeessotaaf taasifamu

- 1) Ibsa biraa osoo hin qabaatin faayidaa hiyyeessotaaf kennaan dhaamoo taasifame seera qabeessadha.
- 2) Kennaan dhaamoo ragaa faallaa biraa yoo jiraate malee, dhaammataan yeroo du'e naannoo teessoo dhaabbii isaa hiyyeessota jiraniif akka taasifameetti lakkaawwama.
- 3) Fedhii dhaammataa raawwachuuf kenna dhaamoo kana fuudhuu fi raawwachuu dambiiwwan bulchiinsaa abbaa taayitaatu murteessa.

Kwt.926. - Kenna dhaamoo namoota baay'eef taasifamu

- 1) Dhaammataan qooda tokko tokkoo isaanii osoo adda hin baasiin namoota lamaaf yookan namoota baay'eedhaaf kenna dhaamoo waliigalaa taasiseera yoo ta'e yookan qabeenya tokko namoota lamaaf yookan namoota baay'eef kenna dhaamoo taasiseera yoo ta'e, namoonni kennaan dhaamoo taasifameef dhaala keessatti yookan qabeenya kenna dhaamoon kenname keessatti mirga walqixa ta'e qaba.
- 2) Namoota kennaan dhaamoo taasifameef keessaa tokko jecha dhaamoo isaaf taasifame fudhachuu kan dadhabe yookan kan hin barbaadne yoo ta'e, gaheen isaa namoota isa waliin walitti kennameef darba.

Kwt.927. - Qabeenya kenna dhaamoon ibsame adda baasuu

- 1) Kennaan dhaamodhaan kenname haala gahaa ta'een adda baheera kan jedhamu dhaaltuun yookan namni kennaan dhaamoo kennameef yookan namni biraa kamiyyuu mi'oota baay'ee keessaa yookan mi'oota tilmaama gatii walfakkaatu qaban keessaa akka filatu dhaamoon kan murtaa'e yoo ta'eedha.
- 2) Namni dhaalli dhaamoo isaaf kenname ofii isaan filannoo kan taasisu dhaammataan nama filatu yeroo adda hin baasnetti yookan filannoo kenna dhaamoo akka taasisu namni filatame nama kennaan dhaamoo taasifameef yeroo barbaachisaa ta'e keessatti yoo taasisuufii baateedha.

Kwt.928. - Nama kamiyyuu bakka buusuu

- 1) Namni kennaan dhaamoo qabeenya waliigalaa yookan qabeenya addaa taasifameef fudhatu yoo jiraachuu baate namni biraa tokko fudhachuu ni danda'a jedhee dhaammataan murteessuu ni danda'a.
- 2) Jechi dhaamoo faallaan yoo jiraachuu baate malee, kennaan dhaamoo taasifame nama bakka bu'eef kan darbu kennaa dhaamoo filatame namni dursa taasifameef fudhachuu kan dadhabe yookan fudhachuu hin barbaadu yoo ta'eedha.

Kwt.929. - Nama biraatiif akka darbu godhee bakka buusuu -1.Qajeeltoo

- 1) Dhaammataan yeroon murtaa'e tokko erga darbee booda yookan du'a isaa irratti yookan haalli murtaa'e tokko kan raawwatame yoo ta'e dhaaltuun yookan namni kennaan dhaamoo taasifameef qabeenyota dhaalaa yookan qabeenyota dhaalaa murtaa'an bakka bu'oota isaa warra ta'an nama tokkoof yookan namoota baay'eef dabarsuu qaba dhaamoo jedhu taasisuu ni danda'a.
- 2) Dhaaltuun jalqaba qabeenya fudhatu yookan fudhataa kennaa dhaamoo namni ta'e abbaa dirqamaa jedhama.
- 3) Hojiin bakka bu'ummaa yeroo taasifamutti dhaaltuu keessaa yookan nama kennaan dhaamoo taasifameef irraa namni qabeenya argatu dhaaltuudha.

Kwt.930. - 2. Nama bakka bu'u

- 1) Dhaaltuun guyyaa du'a dhaalchisaa irratti fudhachuuf dandeettii qabaachuun hin barbaachisu.
- 2) Dhaalli bakka bu'ame guyyaa raawwatutti adda baasuu fi fudhachuuf dandeettii yoo qabaate gahaadha.
- 3) Bakka bu'iinsi faayidaa dhalattoota gadi lakkaa'amaniif yookan faayidaa dhaaltota nama dirqamni irratti gatamee bakka bu'eefis akkasuma taasifamuu ni danda'a.

Kwt. 931.-- 3. Bu'aawwan isaa

- 1) Qabeenya jecha dhaamoo kwt.929 jalatti ibsame ilaallatu qabeenyichi akka hin gurguramne, qaama sadaffaatti akka hin darbine yookan akka hin qabamne jedhamee bu'aa waliigaltee taasifamuu ni qabaata.
- 2) Tumaaleen kanatti aananii jiran akkuma eegamanitti ta'ee, bu'aa jecha dhaamoo kanaa murteessuuf seera kana waa'ee keewwatoota qabeenya waliinii, bu'aa qabeenyatti fayyadamuu fi mirgoota biroo bu'aa qabeenyaatti fayyadamuu barreeffaman raawwatamoo ta'u. (kwt.1426 -1443).

Kwt.932. - 4. Aangoo Mana murtii murteessuu

Manni murtii iyyannoo nama dirqamni irratti gatameen yookan namoota isa irraa maallaqa gaafataniin haala kamiiniyyuu qabeenya hin sochoone akka gurguramu,qaama sadaffaatti akka darbu yookan akka qabamne ajajuu hin danda'u.

Kwt.933. - 5.Yeroo iyyannoon itti dhiyaatu

- 1) Dhaaltuun, bakka bu'aan isaa yookan namni dhaalchisaan sirna bakka bu'iinsa akka raawwachiisu filate gurgurtaa, jijjiirraa yookan qabsiisa seeran alaa taasifame akka diigamu yeroo kamiinyuu gaafachuu ni danda'a.
- 2) Sirni bakka bu'iinsaa erga taasifameen booda waggaa 2(lama) keessatti himannaa isaanii yoo dhiyeessan gahaa ta'a.

Kwt.934. - 6.Dhimma bakka bu'iinsaa darbiinsa tokko irratti murteessuu

- 1) Dhaammataan nama dhaaltuu ta'eef qabeenyota isaa yookan mirgoota isaa erga darbarseen booda kan hin gurguramne, garee sadaffaatti kan hin dabarre yookan kan hin qabsiifamne jedhee dhaamoo keessa kan teessisu gatii hin qabneedha.

- 2) Akkasumas, nama dhaaltuu ta'eef qabeenyonna isaa yookan mirgoonni isaa erga darbeefii booda jechi dhaamoo haala qabeenyota yookan mirgoota kanneenii murteessu gatii hin qabu.

Kwt.935. -- 7. Diduu nama dhaamoodhaan dirqamni irratti gatamee

Jechi dhaamoo faallaa yoo jiraate malee, kennaan dhaamoo ennaa kennamuuf namni dirqamni irratti gatame kennicha fudhachuu kan dadhabe yookan kan hin barbaadne yoo ta'e, bakka isaa nama kennaan dhaamoo qaqqabu battaluma akka dhufu ni godhama.

Kwt.936. - Bakka bu'ee akka dhiyaatu namni waamame hafuu

- 1) Abbaan dirqamaa nama biraatiif akka dabarsu godhame qabeenyotaa fi mirgoota dirqamni kun irratti raawwatamu bakka isaa bu'ee namni kennaan dhaamoo taasifame fudhatu kan du'e yoo ta'e yookan sababa kamiiniyyuu sirna bakka bu'iinsaa raawwachuun kan hin danda'amne ta'uusaa kan mirkanaa'e yoo ta'e qabeenyotaa fi mirgoota kanneen irratti namni kennaan dhaamoo taasifameef akka barbaadetti isaan fudhachuu danda'a.
- 2) Namni bakka bu'u dhiyaachuu dhabuun yookan diduun yookan sababa biraa kamiiniyyuu bakka bu'iinsa dhaammataan yaadee ture raawwachuun kan hin danda'amne yoo ta'e, qabeenyota nama bakka bu'aa ta'eef akka dabarsuuf kennaman dhaaltota nama abbaa dirqamaa ta'eef darbu.
- 3) Jechi dhaamoo faallaan yoo jiraate malee, dhaaltonni dhaammataa qabeenyota kanneen irratti mirga tokko illee hin qaban.

Kwt.937. - Dhaaltummaa irraa buqqisuu -1. Ifatti

- 1) Dhaammataan dhaamoo keessatti kennaan dhaamoo waliigalaa nama taasisuuf osoo hin caqasin dhaamoo malee warra dhaalan yookan isaan keessaa tokko jecha ifaa ta'een dhaaltummaa irraa buqqisuu ni danda'a.
- 2) Kun yoo ta'e dhaaltuun yookan dhaaltonni buqqa'an dhaalchisaa dura akka du'aniitti lakkaawwamee sirni dhaalaa ni taasifama.

Kwt.938. - 2. Tumaalee addaa dhalattoota gadi lakkaawwamanii

- 1) Dhaammataan sababa dhaaltummaa irraa buqqiseef dhaamoo keessatti yoo ibse malee daa'ima isaa yookan dhalattoota gadi lakkaawwaman dhaaltummaa irraa yoo buqqise hin ragga'u.
- 2) Dhaammataan sababa dhaaltuu dhaalarraa buqqiseef akka dhugaa (sirrii)tti lakkaawwamee manni murtii sababni kun dhaaltummaa irraa buqqisuuf gahaadha moo miti isa jedhu ni qoratu.
- 3) Manni murtii sababa dhaammataan dhaamoosaatiin ibse dhugummaa isaa yookan sirrii ta'uu isaa qorachuu hin danda'an.

Kwt.939. -- 3. Callisaan dhaalarraa buqqisuu

- 1) Jechi dhaamoo faallaan yoo jiraate malee, kennaan dhaamoo waliigalaa taasisuun firoota du'aa firooma sadarkaa 2ffaa, 3ffaa yookan 4ffaa qaban dhaaltummaa irraa buqqisuu agarsiisa.
- 2) Kana ta'ees dhalattoota du'aa gadi lakkaawwaman dhaaltummaarraa buqqisuu hin hordofsiisu.
- 3) Du'aan dhalattoota gadi lakkaawwaman qabaatee dhaaltummaa irraa ifatti kan isaan hin buqqisne yoo ta'e, namni dhaamoodhaan kennaan waliigalaa taasifameef akka daa'ima du'aatti lakkaawwamee dhalattoota gadi lakkaawwaman jedhaman kana waliin qooddataa dhaalaa ta'a.

Kwt.940. - 4. Jecha dhaamoo tokko tokko dhorkuu

Jecha dhaamoo yookan jecha dhaamoo keessa jiru tokko raggaasisuu kan morme yoo ta'e, dhaaltota isaa yookan isaan keessaa tokko dhaaltummaa irraa

guutummaan yookan gartokkeen buqqiseera jedhee jechi dhaamoo ibse hundi fudhatama hin qabu.

Kwt.941.—Jecha dhaamoo jaarsummaaf dhiyaatu

Waa’ee dhimma qabeenya dhaalaa qulqulleessuu (tilmaamuu) yookan qooddachuu ilaallatu dhaaltota keessaa yookan namoota kennaan dhaamoo taasifameef gidduutti falmii godhamu hundaaf jaarsolii firaa abbaa murtii godhee nama tokko yookan namoota baay’ee filateen kan murtaa’u ta’a jedhee du’aan jecha dhaamoo keessa galchuu ni danda’a.

BOQONNAA 2. DHAALTUMMAA QULQULLEESSUU

Kwt.942. -Qajeeltoo

Dhaaltummaan hanga qulqullaa’utti akka qabeenya addaa ta’eetti lakkaawwama.

Kwt.943. - Wabii yookan qabsiisa gaafattoota maallaqaatiif ta’u

- 1) Qabeenya dhaalaa yeroo qulqullaa’utti qabeenya dhaalaa irraa namoonni mirga maallaqa gaafachuu qaban wabii maallaqa isaaniif ta’u kan qabsiifatan qabeenya dhaala keessa jiruudha.
- 2) Gaafattoonni maallaqaa qabeenya dhuunfaa dhaaltotaa irraa mirga tokkollee hin qaban.
- 3) Dhaaltota dhuunfaa irratti namoonni gaafattoota maallaqaa ta’an qabeenya dhaalaa yeroo qulqullaa’utti qabeenya dhaalaa irraa mirga tokkollee hin qaban.

Kwt.944. - Hojiin qulqulleessuu wanta of keessatti hammatu

Hojiin qulqulleessuu wanta of keessatti hammatu:-

- a) Dhaala kan fudhatu eenyu eenyu akka ta’e murteessuu
- b) Qabeenya dhaalaa maal akka ta’e murteessuu
- c) Maallaqa dhaaltummaaf kaffalamu fuudhuu,kaffaluu,idaa dirqama ta’e kaffaluu
- d) Du’aan namoota kennaan dhaamoo isaaniif taasisseef kaffaluu fi tarkaanfiiwwan biroo akka fudhataman du’aan ajaje raawwachuudha.

Kwt.945. -- Jecha waliigaltee jaarsummaaf dhiyaatu

Dhaaltotaa fi namoonni kennaan dhaamoo taasifameef waa’ee dhaaltummaa qulqulleessuu yookan qooddachuu gidduu isaaniitti falmii ka’u hunda namni tokko yookan namoonni baay’een abbaa murtii jaarsolii firaa araarsitoota akka ta’aniif waliigaltee taasisuu ni danda’u.

KUTAA 1- QULQULLEESSITUU DHAALAA

Kwt.946.—Qajeeltoo

Dhaalli dhaamoo yookan dhaamoo malee ta’e kanatti fufee ‘Qulqulleessituu’ jedhamanii nama tokko yookan namoota baay’ee filatamaniin kan qulqullaa’udha.

Kwt.947. - Seeran filatamuu

Namoonni dhaaltota dhaamoo malee ta’an dhaalchisaan guyyaa du’e irraa eegalanii ugaalaa tokko malee mirga qulqulleessitummaa ni qabaatu.

Kwt.948. - Dhaamoodhaan filatamuu

- 1) Du’aan dhaamoo tokko kan dhiise yoo ta’e, dhaamoo kana keessatti raawwachiistuu dhaamoo akka ta’u namni inni filate mirga qulqulleessitummaa ni qabaata.
- 2) Jechi dhaamoo ifaan tokko yoo jiraachuu baate, namni yookan namoonni kennaan dhaamoo waliigalaa taasifameef ulaagaa tokko malee mirga qulqulleessitummaa ni qabaatu.
- 3) Dhaamoo keessatti akka homaa hin qooddanne kan taasifaman yoo ta’e malee dhaaltonni dhaamoo malee nama kennaan dhaamoo waliigalaa taasifameef waliin ta’anii hojii qulqulleessitummaa kan hojjatan ta’a.

Kwt.949. - Qulqulleessituu ga'eessa hin taane yookan seeraan dhorkame

Daa'imni ga'eessa hin taane tokko yookan namni dhorkame tokko bu'uura jecha keewwattoota darbaniitiin qulqulleessituu dhaalaa kan ta'an yoo ta'e,hojicha raawwachiisuuf guddistuun bakka bu'aa isaa ta'a.

Kwt.950. - Dhaala mana murtiin qulqullaa'u -1.Qabeenya dhaalaa nama ilaallata jedhu hin qabne

yookan dhaaluf gaafatu hin qabne

- 1) Dhaaltonni kan hin beekamne yoo ta'e yookan namoonni dhaala malee dhaaltota ta'an dhaalicha qulqulleessuu kan hin barbaadne ta'uu isaanii ibsanii beeksisan yoo ta'e,iyyannoo namni dhimmichi ilaallatu kamiyyuu dhiyeessuun manni murtii qulqulleessituu ni muuda.
- 2) Dhaammataan dhaaltota kan hin qabnee fi dhaallis mootummaan kan dhaalamu yoo ta'e, manni murtii qulqulleessituu ni muuda.
- 3) Nama yookan abbaan taayitaa qulqulleessituu ta'ee mana murtiin filatamu dambii bulchiinsaatu ni murteessa.

Kwt.951. - Haalota biroo

Manni murtii iyyannoo nama dhimmichi ilaallatuun keewwattoota olitti qulqulleessituu ibsameen qulqulleessituu bakka buusuuf, waliigaltee waliigalchiisuuf nama aangoon kennameef yookan namni biro kamiyyuu filatamuu kan danda'an:-

- a) Dhaamoodhaan qulqulleessituun dhaalaa filatame fudhatama qabaachuun isaa kan falmisiisu yoo ta'e yookan sababa biraa kamiiniyyuu qulqulleessituun dhaalaa adda baasuu irratti wanti shakkisiisu yoo jiraate; yookan
- b) Qulqulleessitoonni dhaalaa baay'ee ta'anii dhaala bulchuu fi qulqulleessuu irratti kan walii hin galle yoo ta'e; yookan
- c) Dhaaltota keessaa namni tokko daa'ima ga'eessa kan hin taane yookan nama seeran dhorkame yookan sababa biraa kamiiniyyuu namni mirga ofii kabachiifachuu hin dandeenye yoo jiraate;
- d) Bulchiinsi yookan qulqulleessi dhaalaa rakkoo addaa ta'e kan hordofsiisu yoo ta'e; yookan
- e) Qulqulleessituun dammaqaa kan hin taane yookan amanamaa kan hin taane yookan hojii isaa sirnaan raawwachuuf dandeettii kan hin qabne ta'uun yoo beekameedha.

Kwt.952.—Wabii

Manni murtii iyyannoo nama dhimmichi ilaallatu dhiyeeffatuun yeroo kamiyyuu hojicha sirnaan raawwachiisuuf wabii yookan qabsiisa kamiyyuu akka kennu qulqulleessituu gaafachuu ni danda'a.

Kwt.953. - Hojichi fedhiidhan kan hojjatamu ta'uu

Namni kamiyyuu hojiiwwan qulqulleessitummaa fudhachuuf hin dirqisiifamu.

Kwt.954. - Hojiirraa gaggeeffamuu gaafachuu

- 1) Qulqulleessituun hojicha xumuraan gahuuf yookan yeroof murtaa'eef hojjachuuf ifatti dirqama kan seene yoo ta'e malee yeroo kamittiyyuu hojicha dhiisuu ni danda'a.
- 2) Hojicha kan dhiise yeroo hin malletti yoo ta'e itti gaafatamummaa qulqulleessituu hordofsiisa.
- 3) Haaluma kamiinuu qulqulleessitoota birootti osoo hin himin yookan qulqulleessituun haaraan yoo filatamuu baate hojii qulqulleessitummaa dhiiseera jechuun hin danda'amu.

Kwt.955. - Hojichi hafuu

- 1) Hojiin qulqulleessitummaa kan hafu qulqulleessituun seeraan yookan dhaamoodhaan yookan bu'uura murtii mana murtiitiin qulqulleessituu haaraadhaan yoo bakka bu'eedha.
- 2) Hojiin qulqulleessitummaa kan hafu qulqulleessaan hojii isaa xumuree herreega haala raawwii isaa ibsu yeroo kenneedha.

Kwt.956. - Hojii qulqulleessituu

Qulqulleessituun:-

- a) Du'aan dhaamoo dhiiseera yoo ta'e barbaaduu fi namoota dhaalli isaan qaqqabu eenyu fa'aa akka ta'an adda baasuu
- b) Qabeenya dhaalaa bulchuu
- c) Idaawwan dhaalaa kaffaltiin isaanii qaqqabe kaffaluu
- d) Kennaawwan du'aan dhaamoo isaatiin taasise kaffaluu fi jecha dhaamoo raawwachuuf of eeggannoowwan biroo barbaachisan kamiyyuu gochuu qaba.

Kwt.957. - Daangoo aangoo

- 1) Du'aan yookan manni murtii aangoo qulqulleessituu daangessuu yookan hojii isaa akkamitti akka raawwatu ajaja kennuu ni danda'u.
- 2) Manni murtii sababa quubsaadhaan ajaja keewwata kana cita xiqqaa (1) fooyyessuu ni danda'a.
- 3) Jecha dhaamoo faallaan yoo jiraate iyyuu daangeffama armaan olitti ibsame darbuun kan hordofsiisu itti gaafatamummaa qulqulleessituu akka qoqqobuu qofattiidha.

Kwt.958. - Qulqulleessitoota baay'ee

- 1) Qulqulleessitoota baay'een kan jiran yoo ta'e, jecha du'aa yookan ajaja mana murtii osoo hin faallessin isaan kunniin walta'iinsan hojjachuu qabu.
- 2) Qulqulleessitoonni hojiiwwan qulqulleessaa jiran qoqqoddachuu yookan isaan keessaa tokkoo isaa bakka buusuun hojii qulqulleessuu akka dalagu gochuu ni danda'u.
- 3) Jechootni akkasii yookan bakka bu'iinsi akkasii kan hin jirre ta'ee qulqulleessituun dhaalaa tokko qofaasaa qulqulleessa xumureera yoo ta'e, seeronni hojii tola eeyyama ofitiin hojii nama biraa hoogganuu raawwachuu ni raawwatamu. (kwt.2257 - 2265).

Kwt.959. - Kaffaltii tajaajila qulqulleessitootaa

Qulqulleessituun bu'uura haalota du'aan murteesseen yookan dhaaltota gidduutti waliigalameen yookan akkaataa manni murtii murteesseen hojii isaa hojjatee kan agarsiise yoo ta'e, kaffaltii tajaajilaa ni argata.

Kwt.960. - Dhimma gabaasa raawwii hojichaa agarsiisu deebisuu

- 1) Qulqulleessituun dhaalaa hojii isaa yoo xumure dhimma raawwii hojichaa dhaaltota warra ta'aniif gabaasa dhiyeessuu qaba.
- 2) Haala kamiinuu guyyaa waliigaltee dhaaltotaan dura, guyyaa waliigaltee dhaaltotaan murtaa'etti yookan guyyaa manni murtii murteessetti gabaasa haala raawwii hojii isaa dhiyeessuu qaba.

Kwt.961. - Itti gaafatamummaa

- 1) Qulqulleessituun badii isaatiif yookan dagannoodhaan dhimmoota raawwatuuf itti gaafatama.
- 2) Tumaalee seeraatiin yookan dhaamoodhaan yookan ajajoota du'aadhaan yookan mana murtiin isatti kennamaniin gochi faallaa ta'e hunda raawwachuun akka balleessaatti lakkaawwamu.

- 3) Manni murtii dhaaltotaa fi namoota kennaan dhaamoo taasifameef gidduu hariiroo jiru keessatti itti gaafatamummaan hojii isaa raawwachuuf yaadee laphee qulqulluudhaan kan dalage ta'uusaa kan hubate yoo ta'e, itti gaafatamummaa irraa guutummaan yookan gartokkeen bilisa gochuu ni danda'a.

KUTAA 2. NAMOOTAA DHAALTUMMAAN ILAALLATU DHUMARRATTI ADDA BAASUU

Kutaa Xiqqaa 1. Namoota Dhaaltummaan Ilaallatu kan Yeroo Adda baasuu

Kwt. 962. - Dhaamoo barbaaduu

- 1) Qulqulleessituun dhaalaa hunda dursee du'aan dhaamoo dhiisee du'eera yoo ta'e barbaaduu qaba.
- 2) Qulqulleessituun dhaalaas xumura kanarra gahuuf barreeffamoota du'aa ni qorata, akkasumas iddoo du'aan jiraataa turetti waliigaltee waliigalchiisuuf nama aangoo qabu bira yookan mana galmee mana murtii keessa hanga barbaadamuu qabu ni barbaada.

Kwt.963. - Dirqama dhaamoo beeksisuu

- 1) Dhaamoo du'aan taasise tokko namni of harkaa qabu yookan ragaa ta'uudhaan namni beeke akkuma du'aan boqachuu isaa beekeen qulqulleessituu dhaalaa beeksisuu dirqama qaba.
- 2) Dhaamicha wanti diigsisu kan keessa jiru fakkaatee yoo mul'ates dirqama beeksisuu qaba.

Kwt. 964. - Dhaamoo kaa'uu

- 1) Dhaamoo ifaan yookan dhaamoon barreeffamaa du'aa qulqulleessituun dhaalaa yookan namni dhimmichi ilaallatu biroo kamiyyuu iyyannoo kan dhiyeesse yoo ta'e, dhaamichi waliigaltee waliigalchiisuuf nama aangoo qabu bira yookan mana galmee mana murtii keessa olkaa'amuu qaba.
- 2) Dhaamoon afaanii haalotuma kanaan ol jiraniin namoota ragaa dhaamoo ta'aniin battaluma barreeffamee kaa'amuu qaba.

Kwt.965.—Dhaamoo banuu -1. Guyyaa

- 1) Du'aan erga boqateen booda guyyaa afurtamaffaatti qulqulleessituun dhaamoo du'aa bana.
- 2) Yeroo kana booda dhaamoon kan argame yoo ta'e guyyaa itti argametti ji'a itti aanu keessatti qulqulleessituu dhaamootiin guyyaa murtaa'etti ni banama.
- 3) Kana yoo ta'e bu'uura tumaalee keewwattoota kanaan dura turaniin waliigaltee waliigalchiisuuf nama aangoo qabu bira yookan mana galmee mana murtii keessa akkaataa kwt.964 tin walsimuun olkaa'amuu qaba.

Kwt.966. - 2. Baniinsa dhaamoo dursee taasifamu

- 1) Du'aan yoo ajajeera ta'e yookan dhimma qophii sirna awwaalchaf barbaachisaa yoo ta'e yookan dhaaltonni seeraa sadarkaa 1ffaa ta'an guyyaa dhaamoon itti banamu dursanii taasisuuf sagalee caalmaadhaan kan irratti waliigalan yoo ta'e, kwt. 965(1) tin guyyaa ibsame dursuu ni danda'a.
- 2) Dhaaltota sadarkaa 1ffaa ta'an keessaa tokko dursee dhaamoo banamu irratti dhiyaachuu yookan bakka buufachuu kan hin dandeenye yoo ta'e, barreeffamni dhaamoo dursee banamuun dura waliigaltee waliigalchiisuuf nama aangoo qabu bira yookan mana galmee mana murtii keessa kaa'amuu qaba.

Kwt.967. - 3. Bakka

- 1) Du'aan osoo lubbuun jiruu yookan erga du'een booda iddoo dhaamichi kaa'ametti waliigaltee waliigalchiisuuf nama aangoo qabu biratti yookan mana galmee mana murtiitti dhaamoon ni banama.

- 2) Kaa'umsi kun kan hin taasifamne yoo ta'e, erga du'aan boqatee dhaamoon kan banamu iddoo jireenya dhaabbataa du'aattidha.

Kwt.968 - 4. Beeksisa

- 1) Dhaala du'aa dhaaltota dhaamoo malee ta'anii fi jalqabarratti seerri dhaaltota du'aa isaan taasisu ennaa dhaamoon saaqamu akka argaman yookan bakka bu'aa akka ergatan ni waamamu.
- 2) Haaluma kamiinuu dhaamoon ennaa saaqamu yoo xiqqaate ga'eessota 4(afur) fi namoonni hin dhorkamne argamuu qabu.

Kwt. 969. - 5. Hojiiwwan guyyaa

- 1) Dhaamoon yeroo banamu qulqulleessituun dhaalaa fi namoonni dhiyaatanii turan haala dhaamoon itti qophaa'e fi gatii kan qabu ta'uusaa ni qoratu.
- 2) Qabiyyeen dhaamoo ni dubbifama.
- 3) Jaarsoliin araaraa hanga danda'ameen waldhabdee dhaalaan walqabatu tasgabbeessuu fi dhaamicha olkaa'uf qophiilee barbaachisoon ni godhamu.

Kwt.970.— 6. Dhaamoowwan baay'ee

Du'aan dhaamoo tokko yookan dhaamoowwan baay'ees yoo dhiise tumaaleen keewwattoota kanaan olii raawwatamoo ta'u.

Kwt. 971. - Dambii hirmaataa qopheessuu -1. Dhaala dhaamoo

- 1) Qulqulleessituun dhaalaa walgahicha irratti dhaaltonni du'aa yookan namoota kennaan dhaamoo kennameef eenyu fa'aa akka ta'anii fi mirgi dhaalaa tokkoon tokkoo isaanii argatan maal akka ta'e ni beeksisa.
- 2) Qulqulleessituun dhaalaa yeroma sana dhaalichi akkamitti akka qoqqoodamu namoota dhimmichi irraa mirga qaban ni beeksisa.
- 3) Jecha keewwata kana cita xiqqaa (2) tiif namoota dhimmicha irraa mirga qaban jechuun qabeenyota du'aa akka fudhataniif namoota waamamanii fi osoo dhaamoon jiraachuu baatee qabeenyota akka fudhatan namoota ni waamamu turan jechuudha.

Kwt.972.—2. Dhaala dhaamoo malee

- 1) Du'aan dhaamoo kan hin dhiisne ta'uun isaa kan beekame yoo ta'e, qulqulleessituun dhaalaa hirmaatni dhaalaa akkam akka ta'uu qabu haala qoqqodiinsaa yaade namoota dhimmicharraa mirga qaban ni beeksisa.
- 2) Beeksisni dhaamoon akka hin jirre mirkana ta'uu isatti mul'ate kan himamu yeroma sanaa fi hangam yoo ture du'aan boqatee guyyaa 40(afurtama) boodadha.

Kwt. 973. - Himannaa dhaamoon fudhatama hin qabu jedhu -1. Namoota yeroo dhaamoon himamu jiran

- 1) Namoonni ennaa dhaamoon dubbifamu jiran yookan bakka bu'aman yookan dhaamoon hin ragga'u yookan jechi dhaamoon dubbatame tokko hin ragga'u jechuun himannaa dhiyeessuuf yookan ramaddii qoqqoodiinsaa qulqulleessituu dhaalaan dhiyaate mormuudhaaf yaada qaban guyyaa dhaamoon dubbifame irraa eegalee guyyaa 15(kudha shan) keessatti ibsachuu qabu.
- 2) Ibsi kun barreeffamaan yoo ta'uu baate fi qulqulleessituuf yookan mana murtiif yookan jaarsolii araaraa waldhabdee dhaalaa irratti ka'e xumuruuf filataman guyyaa keewwata kana cita xiqqaa (1) jalatti ibsame keessatti akka qaqqabu yoo godhame malee fudhatama hin qabu.
- 3) Dhaamoo fudhatama dhabsiisuuf iyyannoon dhiyaatu guyyaa dhaamoon ibsame irraa eegalee hanga ji'a 3 (sadi) keessatti mana murtiif yookan jaarsolii araaraaf yoo dhiyaate malee mirgichi ni hafa.

Kwt.974. - 2. Ennaa dhaamoon dubbifamu namoota hin jirre

- 1) Namoonni sirna dhaamoo dubbisuu irratti hin argamne yookan namoonni sirna dhaamoo dubbisuu bakka bu'amuun hin dhageenye fi akkasumas yoo dhaamoon hin jiraanne yeroon jedhame kan lakkaa'amu qulqulleessituun ramaddii qoqqoodiinsa dhaalaa guyyaa isaanitti hime irraa eegaleetidha.
- 2) Ragga'iinsa dhaamoo fi yaada ramaddii qoqqoodiinsaa qulqulleessituun qopheesse yeroo dhaamoon dubbifame irraa eegalee waggaa 5(shan) booda yookan dhaamoon kan hin jirre yoo ta'e,du'aan boqatee waggaa 5(shan) booda mormiin dhiyaachuu hin danda'u.

Kwt.975. - 3. Tarkaanfiwwan yeroodhaaf fudhataman

Manni murtii namni mirga irraa qabu yeroo iyyatee fi keewwatoota 973 fi 974 jalatti iyyannoowwan dhiyaatan irratti murtiin hanga kennamutti hojiin dhaaltummaa raawwachiisuu akka hin harkifanne tarkaanfiwwan yeroo barbaachisoodha jedhee isatti mul'ate hunda fudhachuu ni danda'a.

Kutaa xiqqaa 2 : Filannoo dhaaltonni fi namoonni kennaa dhaamoo waliigalaa kennameef taasisan

Kwt.976. - Dhaaltonni barbaachisan dhabamuu

Dhaaltuun kamiiyyuu dhaala akka dhaaluuf irratti waamame yookan kennaa dhaamoo taasisameef akka fudhatu hin dirqisiifamu.

Kwt.977.—Filannoon kan dhuunfaa ta'uu

- 1) Fedhiin dhaaltummaa fudhachuu yookan hin fudhadhu jechuu mirga dhuunfaa dhaaltuu qofaadha.
- 2) Mirga jedhame kanatti dhaaltuurraa namoonni maallaqa gaafatan fayyadamuu hin danda'an.
- 3) Dhaalarratti mirga namoota maallaqa gaafatanii sobaan dogoggorsuuf dhaaltuun dhaala hin fudhadhu yeroo jedhetti mirgi gaafattoota maallaqaa kan eegameedha.

Kwt.978. - Dhaala hin fudhadhu jechuuf guyyaa murtaa'e

- 1) Dhaaltuun dhaaltummaa hin fudhadhu jedhee akka beeksisu yeroon kennameef dhaaltuu ta'uusaa qulqulleessituun erga beeksisee jalqabee ji'a 1(tokko) keessattiidha.
- 2) Manni murtii iyyannoo dhaaltuun dhiyeeffateen yeroo keewwata kana cita xiqqaa (1) jalatti ibsame hanga ji'a 3(sadi)tti dheeressuu ni danda'a.

Kwt.979.-- Haala hin fudhadhu itti jedhamu

- 1) Dhaaltummaa hin fudhadhu jechuun barreeffamaan yookan ragooliin 4(afur) bakka jiranitti kan taasifame yoo ta'e malee fudhatama hin qabu.
- 2) Akkasumas hin fudhadhu jechuun isaa kwt.978 jalatti yeroon ibsame osoo hin darbin qulqulleessituu yoo beeksise malee fudhatama hin qabu.

Kwt.980. - Haala nan fudhadha itti jedhamu

Dhaaltummaa fudhachuun ifaan yookan callisaan ta'uu ni danda'a.

Kwt.981.—Ifaan Fudhachuu

Dhaaltuun ifaan dhaaltummaa fudhate kan jedhamu sanada dhaaltummaa barreeffame yoo fudhateedha.

Kwt.982. - Callisaan fudhachuu

- 1) Dhaaltummaan callisaan fudhatameera kan jedhamu dhaaltuun haala hin shakkisiisneen yaada dhaaltummaa fudhachuusaa gocha agarsiisu yoo raawwateedha.
- 2) Akkasumas dhaaltuun yeroo seeraan isaaf eeyyamame keessatti dhaaltummaa hin fudhadhu kan hin jenne yoo ta'e, dhaaltummaa callisaan fudhateera jedhama.

Kwt.983. - Faayidaa nama biraatif dhaaltummaa gadhiisuu

- 1) Faayidaa mama tokkoo yookan namoota baay'ee adda bahanii ibsamaniif jedhamee dhaaltummaa gadhiisuu jechuun mirga dhaaltummaa akka dhiisuu ta'etti lakkaawwama.
- 2) Haala kanaan dhaaltuun mirga dhaaltummaa isaa faayidaa nama biraatiif gadhiise dhaaltummaa akka fudhateetti lakkaawwama.
- 3) Dhaaltuun ebeluuf jedhee osoo adda hin baasiin faayidaa namoota isa waliin dhaaltota ta'aniif gahee isaa kan gadhiise yoo ta'ee fi kanaafis maallaqa beenyessuu kan hin fudhanne yoo ta'e, dhaaltummaa akka fudhateetti hin lakkaawwamu.

Kwt.984. - Gochoota eegumsaa yookan bulchiinsaa

Dhaaltuun dalagaawwan qabeenyota dhaala keessatti argamaniin walqabatu kan akka eegumsaa yookan galmee tarreeffama mi'aa gurmeessuu fafakkaatanii fi gochoota bulchiinsa ariifachiisaa taasisuun dhaaltuun callisaan dhaala akka fudhateetti hin lakkoofsisu.

Kwt.985.— Dhaalatti fayyadamuu yookan dhoksuu

Dhaaltuun qabeenya dhaala keessatti argamutti fayyadamuun yookan dhoksuun dhaaltummaa akka fudhateetti lakkoofsisa.

Kwt.986. - Namni hundi filannoo kan taasisu ta'uu

Dhaaltonni baay'ee yeroo ta'anitti tokkoon tokkoon isaanii dhaala yeroo fudhatan warreen biroo hin fudhannu jechuu ni danda'a.

Kwt.987. - Osoo hin filatin dura du'uu dhaaltuu

- 1) Namni dhaaltuu ta'e dhaaltummaa nan fudhadha yookan hin fudhadhu osoo hin jedhin dursee kan du'e yoo ta'e, fudhachuun isaa yookan diduun isaa dhaaltota isaatiif darba.
- 2) Isaan kana keessaas tokkoon tokkoon isaanii dhaala ni fudhanna warreen biroo hin fudhannu jechuu ni danda'u.
- 3) Qabeenya dhaalaa hin fudhannu namoonni jedhan gochi isaanii kanaan dhaala nama jalqaba du'ee hin fudhannu akka jedhaniitti lakkaawwamu.

Kwt.988. - Filannoon qulqulluu fi salphaa ta'uu akka qabu

- 1) Jechi dhaala fudhachuu yookan fudhachuu dhabuu yeroo murtaa'en yookan haala irratti kan hundaa'e ta'uu hin danda'u.
- 2) Dhaaltuun jecha dhaala fudhachuu yookan fudhachuu dhabuu yoo kennu kan yeroon murtaa'e yookan jechi haala irratti hundaa'e itti dabalameera yoo ta'e, akka filannoo hin taasisneetti lakkaawwama.

Kwt.989. - Dhaaltummaa gartokkeen fudhachuu yookan hin fudhadhu jechuu

- 1) Dhaala gartokkeen fudhachuu yookan gartokkee hin fudhadhu jechuun hin danda'amu.
- 2) Namni kennaan dhaamoo taasifameef dhaala hin fudhadhu jedhe dhaaltuu nama dhaamoo malee du'ee ta'uudhan dhaaltummaa irra deebi'ee fudhachuu ni danda'a.
- 3) Dhaaltuun kennaan dhaamoo isaaf kenname dhaala hin fudhadhu kennaa dhaamoo nan fudhadha yookan dhaala nan fudhadha kennaa dhaamoo hin fudhadhu jedhee filachuu ni danda'a.

Kwt.990. - Fudhachuun diigamuu kan danda'u ta'uusaa

- 1) Dhaaltuun jecha dhaala nan fudhadha jedhe diiguu hin danda'u.
- 2) Haala kamiinuu jechi dhaala fudhachuu hin diigamu

Kwt.991. - Jecha dhaala gadhiiseera jedhu diiguu -1.Sababoota

- 1) Jecha dhaala hin barbaadu jedhu dhaaltuun dirqisiifamee taasise yoo ta'e diiguu ni danda'a.

- 2) Akkasumas jecha dhaaltummaa kana gadhiiseera jechuu nama dhaaltummaaf waamame yookan dhalattoota namicha kanaa gadi lakkaawwaman yookan maatii gara oliitti lakkaawwaman yookan obboleessa yookan obboleettii yookan dhirsa yookan niitii isaa gowwoomsuun taasiseera yoo ta'e diigamuu ni danda'a.
- 3) Sababa biraatin garuu jecha dhaala gadhiiseera jedhame diiguun hin danda'amu.

Kwt.992.— 2. Haala itti taasifamuu fi bu'aawwan isaa

- 1) Dhaaltuun jecha dhaaltummaa gadhiiseera jedhu diiguu barbaadu gadhiiseera jechuu isaa humni isa dirqisiise yoo hafe yookan shirri ittiin gowwoomfame erga beekameen booda waggaa 2(lama) keessatti mana murtiitti yoo himachuu baate himannichi gatii hin qabu.
- 2) Sababa biraa kamiiniyyuu jechi gadhiiseera jedhu erga dubbatamee waggaa 10(kudhan) booda diigamuu hin danda'u.
- 3) Bu'aawwan dhaaltummaa gadhiisuu seera kanaan waa'ee waliigalteewwan haquu fi diiguu kutaa ilaallatuu "mata duree seera kanaa keessatti waa'ee waliigaltee waliigalaa" keewwattoota jedhan hordofuun manni murtii ni murteessa. (Kwt.1808-1818).

Kwt.993.—Bakka dhaaltuu bu'ee himachuu

- 1) Dhaala hin barbaadu jedhamuun miidhaa kan isaanirra qaqqabsiisu yoo ta'e,nama dhaala hin barbaadu jedhe irratti namoonni gaafattoota maallaqaa ta'an jecha hin barbaadu jedhame guyyaa dubbatame irraa eegalee waggaa 2(lama) keessatti manni murtii jecha hin fudhadhu jedhame akka diigu himachuu ni danda'u.
- 2) Faayidaa gaafattoota maallaqaatiif yoo jedhamee fi hanga maallaqaa gaafataniin walgitu yoo ta'e malee manni murtii jecha dhaala hin barbaadu jedhame diiguu hin danda'u.
- 3) Dhaaltummaa gadhiise jedhee faayidaa dhaaltuuf jedhamee dhiise jedhamee jechi dhaalaa hin fudhadhu jedhame hin diigamu.

Kwt.994. - Bu'aa dhaala fudhachuu

Dhaaltummaa fudhachuun du'aan erga boqateerraa eegalee bu'aa ni qabaata.

Kwt.995. - Bu'aa dhaaltummaa gadhiisuu

- 1) Dhaaltuun dhaaltummaa dhiiseera jedhu gonkumaa dhaaltuu akka hin taanetti lakkaawwama.
- 2) Dhaaltuun gahee isaa hin barbaadu jedhee dhiise dhaaltota isa waliin dhaaltummaa fudhatanii fi barbaachisaa yoo ta'es dhaaltota itti aananiif kan darbu ta'a.
- 3) Dhaaltonni dhaaltummaa fudhatan isaan waliin namni dhaaltuu ta'e dhaalicha barbaadu jedhee gadhiisuu isaa guyyaa isaan beeksise irraa eegalee hanga ji'a 1(tokko)tti gahee dhaalaa dhiifame ni fudhanna yookan hin fudhannu jechuu ni danda'u.

Kutaa Xiqqaa 3 - Waraqaa Ragaa Dhaaltuuf Kennamuu fi Iyyannoo Dhaaltummaa

Kwt.996. - Warqaa ragaa dhaaltummaa - 1. Waraqaa ragummaa kennuu

- 1) Namni dhaaltuu ta'e dhaaltuu du'aa ta'uu isaa fi dhaala keessaa gahee argatu kan agarsiisu waraqaan ragaa dhaaltummaa akka kennamuuf mana murtii gaafachuu ni danda'a.
- 2) Manni murtiis dhaaltuu iyyannoo kana dhiyeeffate ragaalee isa hunda akka dhiyeeffatuu fi wabummaa barbaachisaa ta'ee isatti fakkaate akka kennu gaafachuu ni danda'a.

Kwt.997. - 2. Bu'aawwan isaa

- 1) Waraqaan ragaa dhaaltummaa hanga hin haqamnetti waraqaan ragaa dhaaltuu jedhee ibse dhaaltuu jedhamee tilmaamama.
- 2) Maqaa dhaaltummaatin gochoonni dhaaltuun raawwataman kan jiran yoo ta'e, dhaaltuun gochoonni sun yeroo raawwatamanitti mirga dhaaltummaa akka hin qabneetti ifatti beekuun yoo mirkanaa'e malee gochoota kana mormuun hin danda'amu.

Kwt.998.-- 3. Haquu

- 1) Iyyannoon dhaaltummaa yeroo dhiyaate waraqaa ragaa dhaaltummaa manni murtii kenne haquu ni danda'a.
- 2) Kana yoo ta'e dhaaltuun waraqaa ragaa fudhate deebisuu qaba.
- 3) Dhaaltuun waraqaan ragaa na jalaa badeera yoo jedhe yookan sababa biraa kamiiniyyuu waraqaa ragaa deebisuu kan hin dandeenye yoo ta'e, gara fuulduraatif waraqaa ragaa kanatti akka hin tajaajilamne mirkaneessa ta'u wabummaa barbaachisu akka qabsiisu itti murteessa.

Kwt.999. -- Iyyannoo dhaaltummaa -1. Qajeeltoo

Namni tokko waraqaa ragaa dhaaltummaa seera qabeessaa osoo hin qabaatin dhaala yookan dhaala keessaa kutaa tokko of harkaa qaba yoo ta'e dhaaltuun dhugaa dhaaltummaan isaa akka beekamuu fi qabeenyota dhaalaa jalaa fudhataman akka deebi'aniif nama kanarratti iyyannoo dhaaltummaa dhiyeessuu ni danda'a.

Kwt.1000. - 2. Iyyannoo dhiyeessuuf yeroo murtaa'e

- 1) Himataan mirgaa fi qabeenyota dhaalaa himatamaadhan qabamuu isaanii erga beekee darbiinsa waggaa 3(sadi) booda gaaffiin dhaaltummaa dhiyeessu fudhatama hin qabu.
- 2) Akkasumas du'aan boqatee yookan himataan mirgasaatti guyyaa fayyadamuu danda'e irraa eegalee darbiinsa waggaa 15(kudha shan) booda qabeenya dhaabbataa sanyiidhan darbee dhufe yoo ta'e malee himannaan gaaffii dhaaltummaa jedhame sababa kamiiniyyuu fudhatama hin qabu.

Kwt.1001.—Bu'aawwan

- 1) Gaaffii dhaaltummaa himataan dhiyeeffateen himatamaan kan mo'ame yoo ta'e qabeenyota dhaalaa of harkaa qabu hunda himataadhaaf deebisuu qaba.
- 2) Laphee qulqulluudhaan abbaa qabeenyaa ta'eera sababa jedhuun falmuu hin danda'u.
- 3) Dhimma hafe hundumaaf seeraa kanaan kan barreeffaman tumaaleen "seeran ala badhaadhuu" ilaallatan raawwatamoo ta'u. (Kwt.2162-2178)

Kwt.1002. - Namoota kennaan dhaamoo addatti isaaniif taasifame

Tumaaleen keewwattoota armaan olitti ibsamani namoota kennaan dhaamoo addaa isaaniif taasifameefis raawwatamoo ta'a.

KUTAA 3. BULCHIINSA DHAALAA**Kwt.1003. - Qajeeltoo**

Qulqulleessituun guyyaa filatame irraa eegalee namoonni dhaaltummaa irraa mirga qaban gahee isaanii yookan qabeenyota isaan qaqqaban hanga fudhatanitti qabeenya du'aa bulchuu qaba.

Kwt.1004. - Saamsuu

- 1) Qabeenya dhaalaa irratti yookan qabeenyota dhaalaa tokko tokko irratti iyyannoo nama dhimmicharraa mirga qabuutin manni murtii du'aan akkuma boqateen saamsamiinsi akka godhamu ajajuu ni danda'a.
- 2) Baasii saamsamiinsaa fi saamsamiinsa kaasuu kan herreegamu nama saamsamiinsi akka godhamuuf gaafate irrattiidha.

Kwt.1005. - Tarreeffama mi'aa galmeessuu -1. Qabeenyota dhaala keessatti argaman

- 1) Qulqulleessituun boqachuu du'aa hordofee guyyoota 40(afurtama) keessatti qabeenyota dhaala keessatti argaman galmee tarreeffama mi'aa tokko keessatti barreessuu qaba.
- 2) Barbaachisaa yoo ta'es qabeenyonni haaraa ta'an guyyaa argaman irraa eegalee guyyaa 15(kudha shan) keessatti galmee tarreeffama mi'aatti dabalamanii barreeffamuu qaba.

Kwt.1006. - 2.Tilmaama qabeenyotaa

- 1) Qabeenya dhaalaa yookan idaa dhaalaa tokkoon tokkoon isaaniitiif yeroo armaan olitti ibsame keessatti qulqulleessituun tilmaama gatii yeroof ni kenna.
- 2) Barbaachisaa yoo ta'es tilmaamichi deeggarsa beektota addaatiin ta'uu ni danda'a.

Kwt.1007. - 3. Dirqamoota dhaaltotarra jiran

- 1) Sababa boqachuu du'aatiin mirgoonni fi dirqamoonni hafan akkuma eegamanitti ta'ee,dhaaltonni hariiroo dhaala waliin qaban keessatti du'aa irraa mirgoota fi dirqamoota qaban akka qabanitti turu.
- 2) Mirgoota fi dirqamoota kanneenis qulqulleessituun tarreeffama galmee mi'aa keessatti akka galmeessu ragaawwan barbaachisoo ta'an qulqulleessituu beeksisuu qabu.

Kwt.1008. - 4. Beeksisa namoota dhimmichi ilaallatuuf taasifamu

- 1) Dhaala keessaa gahee tokko fudhachuuf namoonni mirga qaban hunduu baasii mataa isaanitiin garagalcha tarreeffama galmee mi'aa akka kennamuuf gaafachuu ni danda'u.
- 2) Mirga jedhame kana du'aa irratti yookan dhaala irratti namoota gaafattoota maallaqaa ta'aniif manni murtii kennuufii ni danda'a.

Kwt.1009. - 5. Tilmaamicha irra deebiin ilaalluu

- 1) Namoonni kwt.1008 jalatti ibsaman kaffaltiin dhumaa qabeenya dhaalaa hanga godhamutti tilmaama yeroo qulqulleessituun taasise irra deebi'ee akka ilaalamu gaafachuu ni danda'u.
- 2) Tilmaamni yeroof taasifame kun sirrii akka hin taane kan beekame yoo ta'e, baasiin beektota addaatiif godhamu qabeenya dhaalaa irratti herreegama.
- 3) Irra deebi'ee akka ilaalamu dhaaltonni kan hin gaafanne yoo ta'e garuu baasicha kan danda'u nama tilmaamichi irra deebi'ee naaf haa ilaalamu jedheedha.

Kwt.1010.—Aangoo waliigalaa qulqulleessituu

- 1) Qulqulleessituun akka abbaa gaariitti qabeenyota dhaalaa of eeggannoo fi ciminaan ni bulcha.
- 2) Dhaaltonni waliigalteedhan yookan manni murtii iyyannoo nama dhimmicharraa mirga qabuutin dhimma bulchiinsa kana ilaallatu qulqulleessituuf ajaja qajeelchaa kennuu ni danda'u.

Kwt.1011. - Gochoota eegumsaa

Qulqulleessituun addatti wantoota kanatti aananii jiran gochuu ni danda'a.

- a) Qabeenyota dhaalaa hunda eeguuf dalagaawwan barbaachisanii fi himannaawwan dhiyeessuu
- b) Qaamolee sadaffaa qabeenya dhaalaarraa mirga qabna jedhanii himannaa dhiyeessan ittisuu

Kwt.1012. - Mirgoota maallaqaa dhaalaa

- 1) Qulqulleessituun yeroon kaffaltii isaanii gaheera yoo ta'e, maallaqawwan mirgoota maallaqa dhaalaa ta'an hunduu akka kaffalaman gaafachuu qaba.
- 2) Kanas fuudhaa waraqaa naga'ee kennuu aangoo qaba.

Kwt.1013. - Qabeenyota dhaalaa gurguruu

- 1) Dafanii kan badan yookan eegumsa isaaniif yookan lafa teessisuuf baasii maallaqaa olka'aa yookan of eeggannoo addaa kan gaafatan dhaala keessatti argaman firiwwan, sanyiiwwan midhaanii akkasumas qabeenyota socho'aa hunda gurguruu ni danda'a.
- 2) Qulqulleessituun idaa dhaalaa kaffaluuf hanga dirqama isa barbaachiseetti yoo ta'e malee qabeenyota socho'aa biroo gurguruu hin danda'u.
- 3) Waliigaltee dhaaltota hundaatiin yookan eeyyama mana murtiin yoo ta'e malee qabeenyota hin sochoone gurguruu hin danda'u.

KUTAA 4. IDAAWWAN DHAALAA KAFFALUU

Kwt.1014. - Walduraa duuba kaffaltii

Idaawwan dhaalaa tartiiba walduraa duuba itti aananiin kaffalamu.

- a) Jalqaba kan kaffalamu baasiiwwan sirna awwaalchaa ta'an
- b) Itti aansee kan kaffalamu bulchiinsa dhaalaa fi dhaalaa qulqulleessuuf baasii godhame
- c) Sadaffaa irratti, idaawwan du'aa
- d) Arfaaffaa irratti,Idaa sooramaa
- e) Shanaffaa irratti, kennaawwan dhaamoo addaa du'aan taasisseedha.

Kwt.1015. - Maallaqa sirna awwaalchaaf oole

- 1) Jireenya hawaasummaa du'aan qabatee ture hanga barbaachisaadha jedhame yoo ta'e malee baasiin sirna awwaalchaaf idaawwan biroo irraa dursi hin kennamu.
- 2) Baasiin yaadannoo du'aatiif godhamu baasii taskaaraa baasii sirna awwaalchaaf bahe keessatti hin herreegamu.
- 3) Du'aadhaaf yaadannoo gochuun niitii isaaf yookan dhirsaa yookan firoota isaaf dirqama seeraa itti hin ta'u.

Kwt.1016. - Bulchiinsa dhaaltummaaf baasii godhame

Dhaala bulchuu fi qulqulleessuuf baasiiwwan maallaqaa taasifaman isaan kanatti aananiidha.

- a) Saamsuuf,tarreeffama mi'aa barreessuu fi herreega qulqulleessichaaf baasii bahe
- b) Eegumsa qabeenyota dhaalaa,suphisiisuu fi bulchuuf baasii maallaqaa bu'a qabeessa ta'an qulqulleessituun taasisa
- c) Qooddii fi qabeenyota dhaalaa dhaaltotaaf dabarsuuf baasii taasifame
- d) Baasiiwwan maallaqaa qabeenya naannessuuf mootummaaf kaffalamu

Kwt.1017. - Idaawwan du'aa - 1. Gaafattoota maallaqaa barbaaduu

- 1) Qulqulleessituun dhaala irratti namoota mirga maallaqa gaafachuu qaban beekuuf tarkaanfiiwwan barbaachisu ni taasisa.
- 2) Wanta kanaafis galmeewwanii fi waraqaawwan du'aa ni qorata. Akkasumas,galmeewwan mootummaa keessa, bakkeewwan du'aan jiraate keessa fi iddoowwan qabeenyonna dhaabbataa du'aa itti argaman keessa sakatta'iinsa barbaachisu ni taasisa.

Kwt.1018. -- 2. Beekamtii kennuu fi beeksisa

- 1) Sakatta'iinsa kanneeniin kan hin beekamne du'aarraa gaafattoonni maallaqaa akka jiran wanti tilmaamsisu kan argame yoo ta'e, qulqulleessituun bakka barbaachisoodha jedheetti gaafattoota maallaqaatiif abbaan idaa isaanii du'usaa beeksisa barbaachisaa ni baasa.

- 2) Gaafattoonni maallaqaa kunniinis akka isatti of beeksisaan isaan ni beeksisa. Beeksisni kunis erga bahee irraa eegalee hanga yeroo ji'a 3(sadi) ni tura.

Kwt.1019.—Idaawwan yeroon kaffaltii isaanii qaqqabe

- 1) Idaan akka hin kaffalamne mormiin yoo dhiyaachuu baate yookan qabeenyi dhaalaa waliigalaa abbaa mirgaawwanii hundaaf kaffalamee qaqqabuu dadhabuun ifatti yoo beekame malee qulqulleessituun dhaalaa idaawwan yeroon kaffaltii isaanii qaqqabe dhaalarratti gaafataman ni kaffala.
- 2) Haalonni lamaan kunneen yeroo mudatanitti seera adeemsa falmii hariiroo hawaasaa irratti abbaan idaawwanii dambiin dandeettii idaa kaffaluu dhabuu isaanii eegamaadha.

Kwt. 1020. - Sanada raawwatiinsa qabu

- 1) Sanadoonni du'aa irratti raawwatiinsa qaban qulqulleessituu irratti raawwatamoo ta'u.
- 2) Qulqulleessituun galmee tarreeffama qabeenya dhaalaa hanga yeroo qopheessuutti kaffaltii idaawwan kanneenii hundaa kaffaluu irraa tursiisuu ni danda'a.
- 3) Dhaalli idaawwan kanneen kaffaluu kan danda'u ta'uusaa ifatti kan beekame yoo ta'e,iyyannoo nama dhimmicharraa mirga qabuutin manni murtii guyyaan armaan olitti ibsame osoo hin gahin idaawwan dhaalaa yookan idaawwan tokko tokko akka kaffalaman qulqulleessituu dirqisiisuu ni danda'a.

Kwt.1021. - Idaawwan yeroon kaffaltii isaanii hin qaqqabne

- 1) Qabeenya dhaalaa irraa namoonni mirga maallaqaa gaafatan kan jiranii fi yeroon kaffaltii isaa kan hin geenye yeroon kaffaltii maallaqaa yoo qaqqabe akka kaffalamuufii danda'an wabii mirkaneessu akka kennamuuf gaafachuu ni danda'u.
- 2) Akkasumas tumaan keewwata kana cita xiqqaa (1)'n ibsame namoota dhaala irratti jecha haalarratti hundaa'en mirga gaafachuu qabaniifis raawwatamoo ta'u.

Kwt.1022. - Qabeenyota kaffaltii idaatiif ta'an -1. Maallaqa callaa

Qulqulleessituun idaa dhaalaa kaffaluuf dursee maallaqa callaa qabeenya dhaalaa keessa jiru ni baasa.

Kwt.1023. - 2. Qabeenyota dhaamodhaan hin kennamne

- 1) Idaawwan kaffaluuf qabeenyota gurguruun barbaachisaa yoo ta'e, qabeenyota kana nama biraatti gurguruun dura dhaaltonni bitachuu barbaadu yoo ta'e, qulqulleessituun gaafachuu qaba.
- 2) Dhaaltuun tokko gatii gabaatin yookan gatii olaanaan nan bita kan jedhe yoo jedhe qulqulleessituun dhaaltuu kanatti qabeenyota kana gurguruu qaba.

Kwt.1024. - 3.Qabeenyota dhaamoodhaan kennaman

Qabeenyota biroo gurguruudhaan idaawwan kaffaluun kan danda'amu yoo ta'e,qabeenyota du'aan dhaamoodhaan kenne gurguruun hin danda'amu.

KUTAA 5. MAALLAQA SOORAMAA DHAALA IRRATTI GAAFATAMU

Kwt.1025.—Qajeeltoo

Qulqulleessituun dhaalaa kennaawwan dhaamoodhaan kennaman osoo hin kaffalin dura dhaala irratti maallaqa sooramaa namoonni tokko tokko nu ilaallata jedhan kaffaluu qaba.

Kwt.1026. - Gaafattoota maallaqa sooramaa murteessuu

- 1) Keewwatoota kanaa gaditti jiraniin haalota murtaa'aniin namoonni maallaqa sooramaa gaafatan niitii yookan dhirsa du'aa yookan dhalattoota gadi lakkaawwaman yookan dhalchitoota ol lakkaawwaman yookan obboleessawwan yookan obboleettiwwaniidha.

- 2) Qabeenya dhaalaa mootummaan yoo fudhate du'aan yeroo boqatutti namoonni isa waliin jiraachaa turan yookan du'aan jiraachisaa ture keewwattoota kanaa gaditti jiraniin haalota murtaa'aniin akkasuma mirga maallaqa sooramaa gaafachuu ni qabu.

Kwt.1027. - Mirgi maallaqa sooramaa gaafachuu jiraachuu dhabuu

Namoonni kwt.1026 jalatti ibsaman rakkinarra kan jiranii fi hojjatanii jireenya isaanii mo'achuu kan hin dandeenye yoo ta'e malee maallaqa sooramaa gaafachuu hin danda'an.

Kwt.1028. - Gaafataan maallaqa sooramaa dhaamoo malee dhaaltummaa kan qabu ta'uusaa

- 1) Du'aadhaaf dhalattoota gadi lakkaawwamaniif yookan dhalchitoota ol lakkaawwamaniif yookan obboleessawwaniif yookan obboleettiwwaniif maallaqni sooramaa kennamuuf dhaala du'aa yookan dhaalicha keessaa kutaa tokko bu'uura seeraan kan dhaalan yoo ta'an qofaadha.
- 2) Namoonni kunniin du'aa dhaaluuf hin malan jedhamanii dhaalarraa dhorkamaniiru yoo ta'e mirga maallaqa sooramaa argachuu hin qaban.
- 3) Akkuma kana bu'uura seeraan sababa dhaaltota mirga dursaa argataniin dhaaltuu ta'uun isaanii hafeera yoo ta'e mirga maallaqa sooramaa gaafachuu hin qaban.

Kwt.1029. - Hanga maallaqa sooramaa olaanaa gaafatamu

- 1) Dhalattoonni gadi lakkaawwaman yookan dhalchitoonni ol lakkaawwaman yookan obboleessawwan yookan obboleettiwwan mirgi maallaqa sooramaa gaafachuu qaban du'aan jecha dhaamoo isaan miidhu osoo taasisuu baatee bu'uura seeraan gatii qabeenya dhaalarraa argachuu danda'aniin walgituu gaafachuun mirgadha.
- 2) Du'aan boqochuu isaa dura waggoota 3(sadi) darban keessatti arjoomawwan taasisse jecha dhaamoon akka kennamaniitti lakkaawwamu.

Kwt.1030. - Maallaqa sooramaa dhirsa yookan niitiin gaafatamu

Seera kanaan boqonnaa waa'ee firooma dhiigaa yookan firooma fuudhaaf heerumaa barreeffame keessatti bu'uura dambii "dirqama soorama kennuu" jedhuutiin dhaala keessaa dhirsa yookan niitiin mirga soorama argachuu ni qabu. (Kwt. 807-825).

Kwt.1031. - Iyyannoo gaafataan maallaqa sooramaa dhiyeeffatu

- 1) Maallaqa sooramaa argachuuf gaaffiin dhiyaatu erga dhaalli saaqamee eegalee waggaa 1(tokko) keessatti qabeenyi dhaalaa kaffalamuun dura qulqulleessituuf dhiyaachuu qaba.
- 2) Yeroo ariifachiisaa ta'utti qulqulleessituun abbootii dhimmaaf maallaqa soorama yeroo kennuu ni danda'a.
- 3) Qulqulleessituun gaaffii maallaqa sooramaa hin fudhadhu kan jedhe yoo ta'e, murtii kana irratti yerooma sana mana murtiif iyyannoo dhiyeessuu ni danda'a.

Kwt.1032. - Haala kaffaltii maallaqa sooramaa

- 1) Fudhataan maallaqa sooramaa dhirsa yookan niitii yoo ta'e yookan fudhataan yoo xiqqaate nama umurii waggaa 60(jaatamaa) yoo ta'e kaffaltiin maallaqa sooramaa hanga umurii guutuutti ta'a.
- 2) Haalota birootiin maallaqa sooramaa yeroo kaffaluun kan raawwatamu fudhataa maallaqaatiif maallaqa murtaa'e kennuudhaniidha.

Kwt.1033. - Soorama -1. Maallaqa sooramaa kaffaluu fi wabii kanaaf kennamu

- 1) Sooramni kan eeyyamame yoo ta'e, du'aan guyyaa boqate irraa eegalee kan kaffalamu ta'a.
- 2) Maallaqni sooramaaf kaffalamus mana jireenyaa nama sooramuuti kaffalama.
- 3) Manni murtii barbaachisaa yoo ta'e kaffaltii sooramaaf kaffalaan wabii akka kennu ni taasisa.

Kwt.1034. - 2. Fooyyessuu

- 1) Hangi maallaqa sooramaa murtoo dhuma ta'een cita.
- 2) Qabeenyi dhaala keessatti argamu yeroo tilmaamametti dogoggoraan kan taasifame ta'ee yoo argame malee maallaqni sooramaa irra deebi'ee fooyya'uu hin danda'u.
- 3) Dhirsaa yookan niitii du'aa lubbuun jiruuf maallaqni sooramaa kennamu irra deebi'ee kan fuudhe yookan heerume yoo ta'e hafaa ta'a.

Kwt.1035. - 3. Maallaqawwan sooramaaf kaffalaman

- 1) Maallaqawwan sooramaaf kaffalamoo ta'an kan hin dabarsamnee fi kan hin qabamneedha.
- 2) Kana waan jedhameef maallaqawwan sooramaaf kaffalamoo ta'an yeroon itti kaffalamu osoo hin geenye dursee yoo ta'ellee namoota sooramichaan fayyadamoo ta'aniin dhaabbata gargaarsaa rakkoo qallaba fudhataaf kennaniif akka dabarsamu gochuu ni danda'a.
- 3) Akkasumas jireenya nama sooramaan fayyadamaa ta'eef wanta barbaachisoo ta'e namoonni kaffalan maallaqawwan sooramaaf kaffalamoo ta'an qabuu ni danda'u.

Kwt.1036. - Waliigaltee maallaqaa sooramaa ilaallatan

- 1) Du'aan osoo lubbuun jiruu maallaqa sooramaa dhaala isaa irraa ni argamu jedhamanii yaadaman irratti waliigalteewwan yookan barreeffamoonni godhaman fudhatama hin qaban.
- 2) Akkasumas tumaalee kutaa kanaan tumaman hambisuuf yookan fooyyessuuf yaadamanii jechoonni dhaamoo taasifaman hunduu hin ragga'an.

KUTAA 6. KENNAAWWAN DHAAMOO KAFFALUU

Kwt.1037. - Qajeeltoo

Kennaawwan du'aan dhaamoodhaan kenne dhaamoodhaan dhaaltuun tokko akka kaffalu yoo godhe malee kennaawwan dhaamoo du'aan taasise qulqulleessituun kaffaluu qaba.

Kwt.1038. - Filannoo nama kennaan dhaamoo isaaf kennamee

Tumaaleen kwt.1039 fi 1040 akkuma eegamanitti ta'ee, waa'een dhimma filannoo dhaaltotaa yookan namoota kennaan dhaamoo waliigalaa kennameef tumame namoota kennaan dhaamoo addaa isaaniif kennameefis kennaa kana fudhachuu yookan hin barbaadu jechuuf raawwatamoo ta'u.

Kwt.1039. - Kennaawwan dhaamoo baay'ee

Namni tokko kennaa dhaamoo adda addaa baay'ee ta'e akka fudhatu dhaamoodhaan kan ajajameef yoo ta'e, kennaawwan dhaamoo kana keessaa tokko fudhatee kan biroo hin barbaadu jechuu ni danda'a.

Kwt.1040.—Bu'aawwan hin barbaadu jechuu

Namni kennaan dhaamoo taasifameef kennicha hin barbaadu kan jedhe yoo ta'e, faayidaa nama dhaamoodhaan wanta ajajame akka raawwachiisuuf imaanaan irratti gatameef ta'a.

Kwt.1041. - Yeroo kaffaltii

Kennaawwan dhaamoodhaan kennaman dhaala kaffaluun gahaa ta'ee akka mul'ateen kan kaffalamu ta'a.

Kwt.1042. - Kennaawwan dhaamoodhaan kennaman hir'isuu

- 1) Dhaalli kennaawwan dhaamoodhaan kennaman hunda kaffaluuf gahaa kan hin taane yoo ta'e, kaffaluudhaaf dabaree du'aan dhaamoo keessatti ibse ni eegama.
- 2) Dhaamoo keessatti jechi ifatti dubbatame kan hin jirre yoo ta'e, dhaamoodhaan yookan barreeffama biraa du'aan barreesse keessatti namni kennaan dhaamoo taasifameef gatii tajaajilaa taasiseef kan kennamaniidha jedhamee kennaawwan dhaamoo ibsaman dursanii kaffalamu.
- 3) Kennaawwan biroo dhaamoodhaan kennaman hanga tilmaama qabaniin kan hir'ifaman ta'u.

Kwt.1043. - Wanta addaa dhaamoodhaan kenname

- 1) Namni kennaan dhaamoo taasifameef qabeenyi kennameef akkuma inni jirutti wantoota dabalataa qabeenya kanaa waliin qulqulleessituun dabarsee ni kenna.
- 2) Namni kennaan dhaamoo kennameef wanta dhaamoodhaan isaaf kenname haala gaariidhaan naaf haa kennamu jedhee dirqisiisuu hin danda'u.

Kwt.1044. - Kennaa dhaamoo gosa qofaan ibsame

- 1) Kennaan dhaamoo gosa qofaan kan ibsame yoo ta'e, namni kennaan dhaamoo kennameef qabeenyota gosa sanaa keessaa wanta filate fudhachuu ni danda'a.
- 2) Namoota baay'ee kennaan dhaamoo dubbatameef wantoota gosa tokko ta'an keessaa dhaamoodhaan wanta isaaniif ajajame filachuuf kan waamaman yoo ta'e, dursanii filannoo taasisuuf carraan ni bu'a.
- 3) Dhaala keessatti qabeenyi dhaamoodhaan kenname gosti isaa kan hin jirre yoo ta'e, akka fedhii nama dhaamoon taasifameeffitti qulqulleessituun qabeenya qulqullinaan giddugaleessa ta'e akka kennuuf yookan gatii qabeenya sanaa akka kaffaluuf gaafachuu ni danda'a.

Kwt.1045. - Wanta qabsiisaan kenname dhaamoodhaan kennuu

- 1) Qabeenyi dhaamoodhaan kenname du'aan qabeenya socho'aa yookan qabeenya hin sochooneen kan qabsiise yoo ta'e, yeroon kaffaltii idichaa yoo qaqqabe kennaa kennameef akka argatuuf mirkaneessi wabii ta'uuf ni kennamaaf.
- 2) Qabsiisa qabeenya socho'aa yookan qabeenya hin sochooneen idaa wabiin irratti kenname yeroon kaffaltii isaa ennaa qaqqabu namni kennaan kennameef kan kaffale yoo ta'e, bakka gaafataa maallaqa kaffalamee bu'ee dhaaltota du'aarratti mirga gaafataan maallaqaa qabu ni qabaata.

Kwt.1046. - Wanta nama biraa dhaamoodhaan kennuu -1. Gosa wantootaa

Du'aan mi'a gosaan kennamu dhaamee yeroo du'e gosti mi'a kanaa dhaala keessatti kan hin argamne yoo ta'e, qulqulleessituun nama kennaan dhaamoo taasifameef gatii isaa kaffaluu qaba.

Kwt.1047. - 2. Wantoota adda bahan

- 1) Kennaan dhaamoon taasifame wanta adda bahe yoo ta'ee fi du'aan guyyaa boqatutti wanta kanarraa mirga tokkollee kan hin qabne yoo ta'e, kennaan dhaamoo fudhatama hin qabu.
- 2) Kana ta'ees du'aan haala kana osoo beekuu kennaadhaan kenne yoo ta'e, kennaan sun gatii kan qabu ta'a.
- 3) Yeroo kana ta'es qulqulleessituun gatii mi'a kennaadhaan kennamee kennuu qaba.

Kwt. 1048. - Mirga maallaqaa kennaa dhaamoo taasisuu

- 1) Mirgi maallaqaa dhaamoodhaan kennaa godhameera yoo ta'e, guyyaa du'aan boqatutti hanga mirga maallaqaa jiruutiin kennaan bu'aa qabaata.

- 2) Qulqulleessituun dirqama dhaamoodhaan taasifame nama kennaan dhaamoo taasifameef ragaa mirga maallaqaa kennaan argamuu kennuudhaan dirqama isaa ni raawwata.

- 3) Dhaalli mirga maallaqaa kaffaluuf wabii hin ta'u.

Kwt.1049. - Kenna dhaamoo yeroo yeroon kaffaluuf taasifame

Du'aan maallaqa wanta tokkorraa argamu dhaamoodhaan kan kenne yoo ta'e, maallaqni kaffalamu kan herreegamu guyyaa du'aan boqate irraa eegaleeti.

Kwt.1050. - Firiwwanii fi dhalawwan

- 1) Wanti adda bahe tokko dhaamoodhaan kan kenname yoo ta'e, firiin inni buufatu kan herreegamu du'a dhaammataa irraa eegaleeti.
- 2) Maallaqa callaan dhaamoodhaan kan kenname yoo ta'e, dhalli maallaqa kanaa qixxee dhala seeraatin kan herreegamu qulqulleessituun maallaqa kana akka kaffaluuf guyyaa beeksifame irraa eegaleeti.

Kwt.1051. - Baasiiwwan dabarsanii kennuu

Wanta dhaamoodhaan kenname dabarsanii kennuuf baasiiwwan maallaqaa taasifaman kan herreegaman dhaalarrattidha.

KUTAA 7. CUFIIINSA QULQULLEESSA DHAALAA

Kwt.1052. - Yeroo cufiinsa qulqulleessa dhaalaa

- 1) Hojiin herreega dhaalaa qulqulleessuu dhaalarraa namoonni mirga qaban erga beekamanii fi namni kennaan dhaamoo addaa taasifameef mirga yookan kenna isaa erga fudhateen booda ni cufama.
- 2) Akkasumas qabeenyi dhaalaa hundi erga dabarfameen booda ni cufama.

Kwt.1053. - Qabeenyonni walmakuu

- 1) Hojiin herreega dhaalaa qulqulleessuu erga cufameen booda qabeenyi dhaala keessa jiru qabeenya dhaaltuu kan biraa waliin walmaka.
- 2) Dhaaltonni waliinis yoo jiraatan qabeenya dhaalaa ta'ee kan jiru qabeenya waliinii dhaaltotaa ta'a.

Kwt.1054. - Gaafattoonni maallaqaa haaraan dhiyaachuu

- 1) Herreega dhaalaa qulqulleessuun erga cufameen booda namoonni dhaala irraa maallaqa gaafatan maallaqa isaanii dhaaltuun akka kaffaluuf gaafachuu ni danda'u.
- 2) Dhaala irraa namoonni maallaqa gaafatan dhaaltuun matuma isaa namoota abbaa idaa isaanii ta'e waliin hariiroo jiruun qabeenya dhaaltuun dhaalan argate irratti mirga dursaa adatti hin qaban.
- 3) Maallaqa dhaaltuun qabeenya dhaalaan argateen ol namoota dhaala irraa maallaqa gaafataniif akka kaffaluu hin dirqisiifamu.

Kwt.1055. - Gatii gooddii tilmaama keessa galu

- 1) Gaafattoonni maallaqaa ragaa faallaa ta'e yoo dhiyeessan malee qabeenyonni dhaala keessa jiranii fi gatiin qabeenyota kanaas galmee tarreeffama mi'aa fi barreeffama goodiinsaa keessatti akka ibsametti tilmaamama.
- 2) Galmeen tarreeffama mi'aa kan hin taasifamne yoo ta'e yookan barreeffamoota kanneen dhiyeessuun kan hin danda'amne yoo ta'e, baay'inaa fi tilmaama qabeenyotaa gaafattoonni maallaqaa ragaa kamiiniyyuu hubachiisuu ni danda'u.

Kwt.1056. - Haala dhoksuu

- 1) Tilmaama qabeenya tokkoo dhimma ilaallatu gaafataan maallaqaa qabeenyi kun dhaala keessa jiraachuu dhaaltotaan hubachiisuu kan danda'e yoo ta'e, tilmaamni inni jedhu amanamaadha.
- 2) Kana yeroo ta'es gaafataan maallaqaa tilmaamni dhiyeesse laphee qulqulluudhaan akka ta'e dhaaltonni kan gaafatan yoo ta'e, kakachuu qaba.

Kwt.1057. - Baduu mi'aa

Qulqulleessi dhaalaa erga cufameen booda sababoota qaqqabaniiru jedhamaniin gatiin qabeenyaa gadi bu'eera yookan badeera jechuun dhaaltuun dirqama isaa irraa bilisa hin ta'u.

Kwt.1058. - Dirqama namoota kennaan dhaamoo addaa isaaniif kennamee

- 1) Hojiin herreega dhaalaa qulqulleessuu erga cufameen booda dhaala irraa namoota mirga maallaqa gaafachuu qabaniin dhiyaatu namoota kennaan dhaamoo addaa kennameef hanga qabeenya dhaala keessaa kennaan isaan qaqqabee yoo ta'e malee idaadhaan gaafatamuu hin danda'an.
- 2) Dhaaltuun kan hin kaffalle yoo ta'e malee namni kennaan dhaamoo isaaf taasifame dhaala irraa namoota mirga maallaqa gaafachuu qabuuf kaffaluu hin qabu.
- 3) Seera kanaan tumaa "waa'ee Waliigaltee waliigalaan" jedhu keessatti bu'uura ibsameen mirgoota namni wabii ta'e ittiin falmatu namni kennaan dhaamoo isaaf taasifames gaafataa maallaqaa isa himate ittiin falmuu ni danda'a. (Kwt.1920-1951).

Kwt.1059. - Himannaa namni kennaan dhaamoo addaa isaaf taasifame dhiyeessu

- 1) Namni fudhataa kennaa dhaamoo addaa ta'ee idaa dhaalaa kaffale idaa kaffaleef bakka gaafattoota maallaqaa bu'ee dhaaltota gaafachuu ni danda'a.
- 2) Namoota biroo fudhattoota kennaa dhaamoo addaa ta'an irraa garuu gaafachuu hin danda'u.

BOQONNAA 3. QOODIINSA DHAALAA**KUTAA 1.WALITTI HIDHATIINSA DHAALAA FI IYYANNOO QOODIINSA DHAALAAF DHIYAATU****Kwt.1060. - Walitti hidhatiinsa dhaalaa**

- 1) Qoodiinsi dhaalaa hanga raawwatamutti dhaaltota gidduutti dhaalli walitti hidhamiinsan tura.
- 2) Namoonni dhaaltota waliinii ta'an qabeenyota dhaalaa hin qooddanne irratti mirgi qaban seera kana bu'uura tumaa "waa'ee abbaa qabeenyummaa waliinii,bu'aa isaatti fayyadamuu fi mirgoota gurguddoo biroo" jedhuun tumaalee dubbatamaniin murtaa'a. (Kwt.1257-1277).
- 3) Tumaaleen keewwatoota armaan olitti qulqulleessa qabeenya dhaalaa ilaallatanii fi tumaaleen kanatti jiran akkuma eegamanitti ta'a.

Kwt.1061.— Gurgurtaa yookan qoodiinsa qabeenyota murtaa'anii

Dhaaltonni waliinii kutaa qabeenya dhaalaa adda hin baane ta'e caalbaasiin akka gurguramu yookan akka qoqqooddamu gaafachuu hin danda'an.

Kwt.1062. - Yeroo kaffaltii

Dhaalli ennaa qulqullaa'e yeroo kamiyyuu yoo ta'e tokko tokkoon dhaaltota waliinii dhaala ni qooddanna jedhanii gaafachuu ni danda'u.

Kwt.1063. -- Dhaala qoqqoddachuuf yeroo daangeffame

- 1) Dhaala qoqqoddachuuf iyyannoon dhiyaate yeroo mijataa hin taanetti yoo ta'e, manni murtii yeroo hanga waggaa 2(lama) hin caalle keessatti dhaalli osoo adda adda hin bahin akka turu ajajuu ni danda'a.
- 2) Qoqqoodiinsi dhaalaa dhalachuu daa'ima ulfaa'amee kan eegu yoo ta'e, manni murtii yoo eeyyame malee dhaalli osoo adda adda hin bahin turuu qaba.
- 3) Haalli akkasii yeroo mudatetti manni murtii barbaachisaa yoo ta'e qabeenya dhaalaa hunda yookan qabeenyota tokko tokko nama bulchu ni filata.

Kwt.1064.—Dhaalli akka adda adda hin baaneef waliigaltee godhamu

- 1) Qoqqodiinsi dhaalaa akka raawwatamu gaafachuuf mirga dhaaltonni waliinii qaban du'aan dhaamoodhaan yookan dhaaltonni gidduu isaaniitti waliigaltee taasisaniin dhorkamuu ni danda'a.
- 2) Jechi waliigaltee keewwata kana cita xiqqaa (1) ibsame waggaa 5(shan) yookan jecha waliigaltee jedhameetin yeroo gabaabaaf yoo ta'e malee gatii hin qabu.
- 3) Jechi dhaamoo yookan waliigaltee yeroo murtaa'e kan hin ibsine yoo ta'e yookan yeroo waggaa 5(shan) oliif kan taasifame yoo ta'e, dhuma waggaa 5(shan) booda hafaa ta'a.

KUTAA 2. QABEENYOTA DHAALTONNI WALIINII DEEBISAN

Kwt.1065. - Qajeeltoo deebisuu

Dhaala kan fudhatu namni dhalattoota du'aa gadi lakkaawwaman ta'e deebisuun sirra hin jiru jedhamee du'aa irraa arjooma argate yoo ta'e malee gatii wanta fudhatee dhaala keessatti deebisuu qaba.

Kwt.1066. - Kennaawwan deebi'an adda baasuu

- 1) Wanti dhaala keessatti deebi'ee galuu qabu dhaaltota waliinii keessaa tokkoof bultii ittiin dhaabbachuuf yookan kaffaltii idaa nama dhaaltuu waliinii ta'e kanaaf akka ta'aniif wanta kennameedha.
- 2) Dhaaltota waliinii keessaa tokkoof dursamee maallaqni mana bahuuf kenname deebi'uu qaba.
- 3) Dhaaltota waliinii tokkoof baasii du'aan barnoota isaaf taasise deebisuu hin qabu.

Kwt.1067.—Deebisuu irraa bilisa ta'uu

- 1) Du'aan arjoomawwan dhaaltuuf filatee taasise yookan gahee isaa irratti dabalee yookan fudhate akka hin deebifne (itti hin lakkaawwamne) bilisa godhe yoo ta'e, dhaaltuun jedhame qabeenya dursee fudhate deebisuu hin qabu.
- 2) Kenna dhaabbii yeroo ta'etti yaada kana mirkaneessuuf jecha waliigaltee ifaa tokko barbaachisa.
- 3) Kenna dhaamoo yeroo ta'etti du'aan dhaaltuuf wanta kenne akka hin deebisne bilisa gochuusaa mirkaneessuuf ragaa gosa kamiyyuun hubachiisuun ni danda'ama.

Kwt.1068. - Bu'aa wanta tokko irraa argamu yookan maallaqa baraarsaa

- 1) Du'aan galii isaa keessaa dhaaltuuf arjooma kan taasiseef yoo ta'e deebisuu hin qabu.
- 2) Akkasumas maallaqa baraarsaa faayidaa dhaaltuuf jecha du'aan kaffale deebi'uu hin qabu.

Kwt.1069. - Bu'aa alkallattii

Dhaaltuun bu'aawwan waliigalteewwan du'aa waliin taasise irraa yookan waldaa isaa fi du'aa gidduutti seename irraa bu'aa argate dhaala keessatti deebisuu hin qabu.

Kwt.1070. - Nama qabeenya dhaala keessatti deebisee galchuu qabu

- 1) Qabeenya dursee fudhatame deebisuu kan qabu dhalattoota du'aa gadi lakkaawwaman gofaadha.
- 2) Akkasumas dhaaltonni biroo kan fudhatan akka deebisan du'aan dirqama isaan irra kaa'uu danda'a.

Kwt.1071. - Guyyaa arjoomaa booda nama dhaaltuu ta'e

Guyyaa arjoomni taasifametti dhaaltuu du'aati jedhamee kan hin tilmaamne yoo ta'elless dhaaltuun dursee wanta fudhate deebisuu qaba.

Kwt.1072. - Bakka bu'ummaa

- 1) Namni kamiyyuu bakka nama biraa bu'uun dhaaltummaaf kan dhufe yoo ta'e kennaawwan mataa isaan fudhate dhaala keessatti deebisuu qaba.
- 2) Akkasumas namni bakka bu'e nama bakka bu'ameef dursee du'aarraa arjoomawwan fudhate dhaala keessatti deebisuu qaba.

Kwt.1073. - Nama dhaaltummaa hin fudhadhu jedhe

Dhaaltuun dhaala hin fudhadhu jedhe du'aarraa dursee wanta fudhate dhaala keessatti deebisuu hin qabu.

Kwt.1074. - Bu'aa deebisuun hordofsiisu

- 1) Qabeenya du'aa waliigalaa dhaalttonni waliinii qoqqoddatan ramaduuf qabeenyota du'aan dhiise irratti gatiin qabeenyota kennaa dhaabbii yookan kennaa dhaamoo du'aadhaan kennamanii dhaala keessatti deebi'uu qabanii kan itti ida'amu ta'a.
- 2) Dhaaltuun waliinii tokko qabeenya dursee fudhate deebisuu kan qabu yoo ta'e, gatii hanga deebisuu qabuu dursee gahee isaa irraa akka fudhateetti lakkaawwama.

Kwt.1075. - Dhaaltota waliinii gidduutti daangaa qabeenya deebisuu

- 1) Qabeenya dursamee fudhatame deebisuun qooddii qabeenya dhaalaa fi dhimma kanaafis hariiroowwan dhaaltota waliinii gidduu jiru wanta ilaallatu yoo ta'e malee bu'aa tokko illee hin qabu.
- 2) Dhaala irraa gaafattoonni maallaqaa yookan namoonni kennaan dhaamoo taasifameef dhaaltuun dursee wanta fudhate deebisuu qaba jedhanii falmuu hin danda'an.

Kwt.1076.— Qajeeltoo qabeenya isa irra xiqqaa fudhachuun qabeenya deebisuu

- 1) Wanti dursee fudhatame dhaala keessatti kan deebi'uu isa irra xiqqaa fudhachuudhaan ta'a.
- 2) Namni dhaaltuu ta'e tilmaama gahee dhaala keessatti isa qaqqabuutin ol dursee qabeenya fudhate deebisuuf hin dirqisiifamu.
- 3) Qabeenyonni dursanii fudhataman akaakuu isaanitiin akka deebi'an jedhee du'aan boqachuu isaatiin dura waliigaltee seenuun hin eeyyamamu.

Kwt.1077. - Tilmaama qabeenya deebi'uu

- 1) Tilmaamni qabeenya dursee fudhatamee deebi'uu qabu tilmaama sanadarratti tilmaama kennameedha.
- 2) Tilmaamni akkasii kan hin godhamne yoo ta'e, bu'uura tilmaama yeroo kennaan taasifameetiin deebisuu barbaachisa.

Kwt.1078. -- Baduu qabeenya dursee kennamee

Dhaaltuun qabeenyota dursee fudhate yoo badanii fi kennaa isaaf taasifameen badhaadhuun isaa kan addaan cite yoo ta'ellee qabeenyota dhaala keessa deebisee galchuu qaba.

KUTAA 3. AKKAATAA QOQQOODIINSAA

Kwt.1079. - Qoodiinsi eenyuun akka taasifamu

- 1) Hojii qoodiinsaa kan raawwatamu bu'uura waliigaltee dhaaltota gidduutti godhamuun ta'a.
- 2) Dhaalttonni kan walii hin galle yoo ta'e, karoorri qoodiinsaa isaan keessaa nama baay'ee cimaa ta'een qophaa'e akka mirkanaa'uuf mana murtiif ni dhiyaata.

Kwt.1080. - Mirkaneessa manni murtii taasisu—1.Dhaaltuu tokkoof eegumsa godhamu

- 1) Dhaaltota keessaa tokko osoo hin argamne kan hafe yookan sirnaan bakka bu'iinsa kan hin taasisne yoo ta'e, qoodinsa manni murtii yoo mirkaneesse malee fudhatama hin qabu.

- 2) Yeroo kana ta'es iyyannoo qoodiinsa diigsisuu dhiyaachuu kan danda'u dhaaltuu bakka inni hin jirretti qoodinsi irratti taasifameenidha.
- 3) Diigamuun qoodiinsa kanaas iyyataan qoodiinsa erga beekeen booda yeroo waggaa 1(tokko) keessatti fi haala kamiinuu yoo ta'e guyyaa du'aan boqate irraa eegalee kan lakkaawwamu waggaa 10(kudhan) keessatti yoo dhiyaate malee iyyannichi kufaa ta'a.

Kwt.1081. - 2. Gaafattoota maallaqaaf eegumsa godhamu

- 1) Dhaaltota waliinii gidduutti qoodinsi qabeenya dhaalaa osoo hin raawwatamin dura dhaaltota waliinii keessaa isa tokko irraa namni maallaqa qabu kan gaafate yoo ta'e, qoodiinsa dhaalaa manni murtii mirkaneessuu barbaachisa.
- 2) Gaafataan maallaqaa iyyannoo kana dhiyeessu sirni qoodiinsa mirkaneessuu yeroo godhamutti wanta ibsatu manni murtii dhaga'uu qaba.
- 3) Sababa gocha waliin dha'uu dhaaltonni waliinii taasisaniin manni murtii iyyannicha hin mirkaneessu yoo jedhe malee adeemsa isaaf maallaqni bahu kan herreegamu gaafataa maallaqaa iyyannicha dhiyeesse irrattiidha.

Kwt.1082. - Dambii qoqqoodiinsa raawwachuuf

- 1) Qoodinsi kan raawwatamu akkaataa jecha dhaamoo du'aan barreesseen ta'a.
- 2) Qoodiinsa raawwachuuf jechi dhaamoo barreeffame kan hin jirre yoo ta'e, bu'uura tumaalee kanatti aananii jiraniin raawwatamoo ta'u.

Kwt.1083. - Tilmaama qabeenyotaa -1. Qajeeltoo

- 1) Qabeenyonni gahee dhaaltotaa ramadaman guyyaa qoodiinsa taasifamu ni tilmaamamu.
- 2) Tilmaama qabeenyotaa kan taasisan dhaaltota mataa isaanii ta'a.
- 3) Dhaaltonni tilmaamichaan kan walii hin galle yoo ta'e, tilmaamichi jaarsolii araaraa isaan filataniin yookan kan walii hin galle yoo ta'e, jaarsolii araaraa manni murtii filatuun tilmaamni ni taasifama.

Kwt.1084. - 2. Tilmaama beektonni addaa taasisan

- 1) Qabeenyota hin sochoone bu'uura tilmaama gabaasa beektonni addaa dhiyeessan agarsiisun ta'uu qaba.
- 2) Qabeenyi qaboo yaa'iin tilmaamame haala mijataa ta'een qoqqoodamuu danda'uu fi haala ittiin qoqqoodamus ibsuu qaba.
- 3) Akkasuma qabeenyichi kan qoqqoodamu yoo ta'e, tokkoon tokkoo gahee hiramuu fi tilmaama gahichas murteessuu qaba.

Kwt.1085. -- Gahee qoodiinsaa hiruu

- 1) Gahee qoodiinsaa kan hiru nama dhaaltonni waliinii waliigalteedhaan filataniidha.
- 2) Dhaaltonni walii hin galle yoo ta'e, manni murtii beekaa addaa filateen hirmaata taasisa.

Kwt.1086. - Qabeenyi dhaalaa bu'uurarraa akaakuudhaan kan qoodamu ta'uu

- 1) Qoodiinsi bu'uurarraa kan godhamu tokkoon tokkoon dhaaltuuf qabeenya dhaala keessaa akaakuu isaatiin ta'a.
- 2) Gaheewwan akaakuu isaanitiin ramadaman sirrii kan hin taane yoo ta'e, maallaqa dabalataa kennuudhan sirreeffamu.

Kwt.1087. - Ramaddii gaheewwanii

- 1) Dambiiwwan kanaan gaditti barreeffamaniin kan eegaman ta'anii, dhaaltonni hanga danda'ameen gahee ramaddiin akaakuu isaanii tokko ta'ee ni fudhatu.
- 2) Hanga danda'ameen tokkoon tokkoo dhaaltuuf qabeenyonni irra caalaa isa fayyadan ni kennamuuf.

Kwt.1088. -- Dhufaatii qabeenyotaa

Qoodiinsa keessatti gooddiin haala itti aanun hirama.

a) qabeenyota hin sochoone dhaala sarara abbaa ta'aniin du'aatti darban dhaaltuu sarara kanaatiif dabarsuu

b) qabeenyota hin sochoone dhaala sarara haadhaa ta'aniin du'aatti darban dhaaltuu sarara kanaatiif dabarsuu

Kwt. 1089. - Dhaaltota Itoophiyaa hin taane

Dhaaltota keessaa tokko tokkoon isaanii lammummaa Itoophiyaa akkasumas tokko tokkoon isaanii lammummaa biyya alaa kan qaban yoo ta'e, qabeenyonni hin sochoone Itoophiyaa keessa jiran dhaaltota Itoophiyaa keessa jiraniif kennamuu qabu.

Kwt.1090. - Idaa dhaaltotaa

Dhaaltota keessaa tokko idaan dhaalaaf kaffalamu kan isarra jiru yoo ta'e, idaan isaa gahee isaa keessatti herreegama.

Kwt.1091. - Idaawwan qabsiisni qabeenya hin sochoone irratti kenname

Idaa du'aatiif dhaaltuu tokkoof qabsiisni qabeenya hin sochoonee yookan qabsiisaan qabeenyonni kennaman kan qaqqaban yoo ta'e, idaawwaniif itti gaafatamoo ta'u.

Kwt.1092. - Qabeenyota haala rakkisoon goodaman -1.Qajeeltoo

Qabeenya dhaalaa keessatti miidhaa olaanaan osoo isaan irra hin qaqqabin qabeenyonni goodamuu hin dandeenye kan jiran yoota'ee fi dhaaltota gidduutti qabeenya hin goodamne kana fudhachuu kan qabu eenyu ta'uu akka qabu waliigalteedhaan murteessuu kan dadhaban yoo ta'e,qabeenyi kun gurguramee maallaqni isaa dhaaltotaaf ni qoqqoodama.

Kwt.1093. - 2. Caalbaasiidhaan gurguruu

1) Dhaaltota keessaa tokko iyyannoo kan dhiyeesse yoo ta'e, gurgurtaan kan godhamu caalbaasiidhaan ta'a.

2) Dhaaltota gidduutti waliigalteen kan dhabame yoo ta'e,beeksisa caalbaasii keessa namoonni alaa akka seenaan ni godhama.

Kwt.1094. - Meeshaalee yaadannoo firootaa

1) Barreeffamoonni firaa fi meeshaaleen yaadannoo firootaa jedhamanii amanaman akka hin gurguramne dhaaltota keessaa namni tokko mormuu ni danda'a.

2) Dhaaltota gidduutti waliigalteen kan dhabame yoo ta'e, meeshaaleen kunneen akka gurguraman yookan dhaaltota keessaa tokkoof akka kennaman kan murteessu mana murtii ta'a.

3) Kana yeroo ta'e meeshaan yaadannoo kun firoota gidduudhaa akka hin baane of eeggannoo barbaachisu hunda gochuu qabu.

Kwt.1095. - Akaakuu mirgoota goodiinsa keessa galanii

1) Qabeenya dhaala keessatti argamaniif du'aan abbaa qabeenyaa yookan kireessaa yookan gargaaraa yookan qabeenyota kanneen irratti mirga biraa qaba jedhamee garaagarummaan osoo hin godhamin tumaaleen seera kanaa raawwatamoo ta'u.

2) Tumaalee kanneenis raawwatamoo gochuuf akaakuu fi haala qoqqoodinsa qabeenyaa sirnaan raawwachuuf kan danda'amu ta'uu qofaan gahaadha.

Kwt.1096. - Dhaaltota waliinii baay'ee gidduutti qabeenyi osoo hin qoodamin turuu

1) Tumaan seera kanaa dhaaltuu tokko qofaaf mirgoota kenne dhaalttonni biroo mirgoota kanaan tokkummaadhaan ittiin hojjachuuf kan waliigalan yoo ta'e, tumaalee seera kanaan isaaniis fayyadamuu ni danda'u.

- 2) Dhaaltonni baay'een qabeenya tokko walta'iinsan dhaalla jedhanii waliigaltee ifaa yoo taasisan malee qabeenyi kun dhaaltota baay'eedhaaf walta'iinsan kennuun hin danda'amu.

KUTAA 4. QOQQODDIINSI ERGA RAAWWATAMEEN BOODA HARIIROO DHAALTOTA GIDDUU JIRU

Kutaa xiqqaa 1. Wabummaa Qooddattoonni Waliif Kennuu Qaban

Kwt.1097. - Seera caqasuu

- 1) Qabeenya gahee gahee isaanii keessatti hirame ilaalchisee gurguraan bitataaf haala wabii ta'uun dhaaltonnis tokko isa tokkoof wabiidha.
- 2) Gahee gahee isaanii keessatti mirgoota fi idaawwan maallaqaa dhimma ilaallatuufis akkasuma akka haala bittaaadhaan mirgi qabeenyaa yeroo dabarfamutti wabummaan kennamuutti tokko isa tokkoof wabii kennuu qaba.

Kwt.1098. - Hanga beenyaa

Hangi beenyaa kaffalamuu qabuu kan murtaa'u yeroo goodiinsi taasifamu hanga gatii qabeenyichaati.

Kwt.1099. - Nama beenyaa kaffalu

- 1) Tokko tokkoon dhaaltuu beenyaa kan kaffalu hanga gatii dhaalarraa gahee isa qaqqabee ta'a.
- 2) Dhaaltota keessaa tokko tokko idaa kaffaluu kan hin dandeenye yoo ta'e, tokko tokkoon dhaaltuu carraa isa qaqqabe waliin hanga walmadaalaa ta'e dhaaltuu wabummaan idaa isaaf kennamee fi dhaaltota idaa kaffaluu danda'an gidduutti kan qoqqoodamu ta'a.

Kwt.1100.—Mirga mirkaneessa wabii argachuu

Dhaaltota keessaa tokko sababa gahee harka caalaa argateen kaffaluu akka qabu yaadee yookan gaheen maallaqaa isaaf hirame mirga maallaqaa gaafatame kaffaluuf kan shakkisiisu yoo ta'e, goodiinsi akka raawwatame dhaaltoonni waliinii kun wabummaa mirkaneessu akka kennaniif gaafachuu ni danda'a.

Kwt.1101. - Haala wabummaan itti hin kennamne

- 1) Qooddattoota dhaala waliinii keessaa tokko wabummaan gaafatu sababa balleessaa mataa isaatiin mirga dhabuun kan isarra qaqqabe yookan qabeenyi dhaalarraa argame erga qoodameen booda wanta mudateen yoo ta'e, wabummaan kennamuufii hin qabu.
- 2) Akkasumas goodiinsi dhaalaa yeroo taasifamutti qooddattoota keessaa carraan isa tokko qaqqabe irratti waliigalamee wabummaa malee kan kenname ta'uusaa barreeffama qooddii keessatti ibsameera yoo ta'e, wabummaan hin kennamu.

Kutaa Xiqqaa 2. Qoodiinsa Diiguu

Kwt.1102. - Sababa diigamuu qoodiinsa

Tumaaleen keewwatoota kanatti aananii jiran akkuma eegamanitti ta'ee, dhimmi qoodiinsaa akkaatuma waliigalteewwan biroo diigamaniin diigamuu danda'a.

Kwt.1103. - Qabeenyota dagataman

- 1) Qoodiinsi erga godhameen booda qoodiinsa keessa kan hin galle qabeenya dhaalaa keessa galanii kan lakkaawwaman qabeenyonni haaraan kan argaamn yoo ta'e, hanga qabeenya haaraa kanaa sirni qoodiinsaa haaraan raawwatamuu qaba.
- 2) Qooddiin dursee taasifame akkuma jirutti ragga'a.

Kwt.1104. - Qabeenya dhoksuu

Qoodiinsa keessa osoo hin galin hafee qabeenyan haaraan argame dhaaltota keessaa harka nama tokkoo akka turee fi kanas kan dhokse laphee badaadhaan yoo ta'e, haala kanaan qabeenya dhokse keessaa gahee isa qaqqabu ni dhaba.

Kwt.1105. - Qoodiinsa sirreessuu -1.Yeroo sirreeffamni itti taasifamu

- 1) Gatiin qabeenyota tokko tokkoo haala dogoggoraan sababa tilmaamameef dhaaltuun qoodiinsa fayyadamaa ta'e tokko hanga isa qaqqabuu qabu keessaa 3/4ffaa gadi kan argate yoo ta'e, iyyannoo dhaaltuu kanaan abbaa mirgaa ta'een sirni qoodiinsa irra deebi'ee akka sirratu ni godhama.
- 2) Akkasumas kennaa dursee fudhatee ture deebisee dhaala keessa galchuu kan qabu ta'ee osoo jiruu haala kana dhaaltota biroottiif osoo hin ibsin kan hafe yoo ta'e, qoodiinsi akka sirratu ni godhama.

Kwt.1106. -2. Yeroon iyyannoon itti dhiyaatu

Qoodiinsi akka sirreeffamuuf iyyannoon dhiyaatu dhaalli qoqqoodamee waggaa 3(sadi) keessatti kan hin dhiyaanne yoo ta'e, fudhatama hin qabu.

Kwt.1107. - Bu'aalee qoodiinsa sirreessuu

- 1) Iyyannoo sirreeffama qoodiinsaa manni murtii kan fudhate yoo ta'e, hanga beenyaa iyyataadhaaf kaffalamuu qabuu fi beenyaa kanas eenyu akka kaffaluu qabuu fi haala kamiin akka kaffalamu ni murteessa.
- 2) Qoodiinsa sirreessuun kan taasifame sababa kennaan dhaala keessatti deebi'uu qabu himamuu dhabeen yoo ta'e, dhaaltuun waliinii kennaa kana fudhate hanga gatii yookan tilmaama deebisuun isarra jiruun qoodiinsa sirreeffame keessaa qoodasaa ni dhaba.
- 3) Qabeenya kana qoodiinsa keessa osoo hin galchin kan hafe laphee qulqulluudhaan ta'uu dhaaltuun kan hubachiise yoo ta'e, manni murtii tumaa keewwata kana cita xiqqaa (2) ibsame raawwatamoo akka hin taane gochuu ni danda'a.

Kwt.1108. - Kaffaltii beenyaa

- 1) Beenyaa kaffalamuu qabu kan murtaa'uu dhimma kamiifuu maallaqa callaadhaan ta'a.
- 2) Kaffatii isaa gaafachuun kan danda'amu iyyataa waliin dhaaltota dhaaltuu ta'an irraa yookan dhaaltota isaanii irraa yookan namoota kennaan dhaamoo isaaniif kenname irraa qofadha.

Kwt.1109. - Sirna qoodiinsa mormuu

Dhaaltota waliinii keessaa tokkorratti namoonni mirga maallaqa gaafachuu qaban qoodiinsi kan taasifame mirga keenya irratti waliin dhahuun godhameera jedhanii qoodiinsa mormuu kan danda'an mormii taasisanii osoo hin dhaga'amin bakka isaan hin jirretti qoodiinsi yoo godhameedha.

KUTAA 5. QABEENYI DHAALAA ERGA QOODAMEEN BOODA MIRGA GAAFATTOONNI MAALLAQAA QABAN

Kwt.1110. - Himannaa addaa adda hiruu

- 1) Gaafataan maallaqaa mirgi maallaqa gaafachuusaa kan hin qoqqoodamne yoo ta'e malee himannaa dhaaltota irratti dhiyeessu tokko tokkoon dhaaltuu hanga gatii gahee qabeenya dhaalaan argatee himannaa isaas hiree dhiyeessuu qaba.
- 2) Dhaaltonni dhaala ennaa qooddatan waliigaltee taasisaniin idaa guutummaan yookan harka caaluun dhaaltuun tokko yookan dhaaltonni baay'een akka kaffalan kan waliigalan yoo ta'e, gaafataan maallaqaa waliigaltee kanaan fayyadamuu ni danda'a.

Kwt.1111. - Dhaaltota keessaa tokko idaa kaffaluu dadhabuu

Dhaaltota keessaa tokko idaa kaffaluu kan hin dandeenye yoo ta'e, idaan dhaaltota biroo gidduutti walqixa kaffalama.

Kwt.1112. - Namoonni kennaan dhaamoo taasifameef haala walfakkaatuun akka gaafattoota maallaqaa ta'uu isaanii

Tumaaleen keewwatoota armaan ol jiran kwt.1111 keessatti ibsaman raawwatamoo ta'an namoota kennaan dhaamoo kennameef akka namoota dhaalarraa gaafataa maallaqaa ta'aniitti lakkaawwamu.

Kwt.1113. - Hariiroo dhaaltota gidduu jiru

- 1) Dhaalli erga qoqqoodameen booda gahee idaa kaffalamuu qabuun ol dhaaltuun kaffale herreega irra caalchisee kaffale akka deebisaniif dhaaltota waliinii biroo gaafachuu ni danda'a.
- 2) Gama wabummaa kennuu ilaallatuun dhimmi dambii kanaan raawwatamoo ta'u tumaan seera kanaa "waa'ee waliigaltee waliigalaan" jedhu raawwatamaa ta'a. (Kwt.1920-1951)

BOQONNAA 4. WALIIGALTEEWWAN DHAALA ILAALLATAN

Kutaa 1. Dhaala gara fuulduraatti argamu irratti waliigaltee taasifamu

Kwt.1114.-Qabeenya dhaalaa gara fuulduraatti argamu irratti waliigaltee taasisuun dhorkaa ta'uu

Haalota seeran ibsamee eeyyamameen ala dhaala nama lubbuun jiruu irratti karaa tokkoon dirqamoonni fi waliigalteewwan taasifaman fudhatama hin qaban.

Kwt.1115.—Dhaala gara fuulduraatti argamu fudhachuu yookan diduu

- 1) Qabeenya dhaalaa gara fuulduraatti ni kennama jedhamee abdatamu fudhachuu yookan fudhachuu diduu yookan dhaala kana keessa mirgoota jiran dabarsuun hin danda'amu.
- 2) Namni abbaa qabeenyaa ta'e kan eeyyame yoo ta'elless waliigalteewwan tumaa keewwata kana cita xiqqaa (1) ibsaman fudhatama hin qaban.

Kwt.1116. - Dhaalchisuuf waliigaltee seenuu

Namni tokko dhaala koo siifan kenna yookan kennaa dhaamoon siif taasisa jedhee nama waliigaltee fudhatuuf yookan qaama sadaffaadhaf dirqama waliigaltee seenuu hin danda'u.

KUTAA 2. QOODIINSA KENNAA TAASIFAMU

Kwt.1117. - Qajeeltoo

Abbaa fi haati fi dhaalchitoonni gara oliitti lakkaawwaman ijoollee isaanii fi dhalattoota isaanii gara gadiitti lakkaawwamaniif qabeenya isaanii kennuu fi qooduu ni danda'a.

Kwt.1118. - Haala raawwii isaa

Kennaawwan dhaabbiidhaan taasifaman bu'uura dambiilee seera goodiinsa kennaa osoo lubbuun jiranii tumamaniin raawwatamuu qaba.

Kwt.1119. - Naqa isaa

Dhimmi goodiinsa kennaa kun yeroo raawwatametti qabeenyota dhaalchitoota gara oliitti lakkaawwamanii irratti yoo ta'e malee raawwatamuu hin danda'u.

Kwt.1120. - Qabeenya dagatame

Dhaalchituun gara oliitti lakkaawwamu guyyaa du'utti qabeenyonna dhiisee du'e hunduu kennaadhaan goodiinsa keessaa osoo hin galin hafaniiru yoo ta'e, qabeenyonna qoqqoodiinsa kennaa keessa hin galin bu'uura seeratiin ni qoqqoodamu.

Kwt.1121. - Daa'ima dagatame - 1. Kennaan kufaa ta'uu

Kennaa taasisaan goodiinsa kennaa yeroo taasisetti ijoollee isaa keessaa tokko kan dagate yoo ta'e yookan kennaan erga taasifameen booda daa'imni kan dhalate yoo ta'e, namni kennu yeroo du'etti daa'imni dagatame yookan bakka bu'oonni isaa qoqqoodiinsi kennaa akka diigamu gaafachuu ni danda'u.

Kwt.1122. - 2.Yaada addaa

- 1) Du'aan daa'ima dagatame kana dhaalarraa buqqisuu isaa kan ibsu dhaamoo ragga'u dhiisee kan du'e yoo ta'e, qoodiinsi kennaa akka diigamuu gaafachuun hin danda'amu.
- 2) Yeroo kana ta'es daa'imni dhaalarraa buqqa'e yookan bakka bu'oonni isaa dhaalarraa mirga maallaqa gaafachuu qaban kan eegameedha.
- 3) Akkasumas tumaa kwt.1121 tin kan ibsame du'aan qoqqoodiinsa kennaa keessatti qabeenyota kenneen ala daa'ima dagatameef gahaa kan ta'an qabeenyonni biroo kan jiran yoo ta'e, ramaddiin qoqqoodiinsaa taasifame akka diigamu gaafachuun hin danda'amu.

Kwt.1123. - Miidhaa

- 1) Qoodiinsa kennaa keessa jecha faallaan yoo jiraate malee dhaaltota gadi lakkaawwaman keessaa tokko 1/4ffaa isa qaqqabuun ol miidhaan kan isarra gahe yoo ta'e, qoqqoodiinsi kennaa akka hafu gaafachuu ni danda'a.
- 2) Miidhaan jiraachuu kan tilmaamamu qoodiinsi kennaa guyyaa taasifamutti gatii qabeenyichaa ilaaluun ta'a.
- 3) Himannaan qoodiinsi kennaa kun akka hafu taasifamu dhaalchituun gara oliitti lakkaawwamu kennaa taasise du'ee waggaa 2(lama) keessatti fi qoqqoodiinsi kennaa guyyaa taasifame irraa eegalee waggaa 10(kudhan) keessatti kan hin dhiyaanne yoo ta'e gatii kan hin qabneedha.

KUTAA 3. MIRGOOTA DHAALAA DABARSUU

Kwt.1124. - Mirga dhaaltuu

- 1) Dhaalli erga saaqameen booda dhaaltuun tokko mirga dhaalan argatu guutummaan yookan kutaadhaan nama biraatiif dabarsee kennuu ni danda'a.
- 2) Kana ta'ees qabeenya murtaa'e dhaala keessatti argamu keessa mirgoota jiran qabeenyi kun gahee isaa keessatti ramadamuun dura dabarsee kennuu hin danda'u.

Kwt.1125. - Mirga qabeenya dhaalaa dabarsamee kenname hambisuu yookan deebisiisuu

- 1) Mirgi kan dabarfame dhaaltota keessaa tokkoof yoo ta'e malee nama mirgi dhaalaa dabarsameef biraatiif tilmaama isaa kaffalanii hambisuuf mirga dursaa seeraan isaaniif kennameera.
- 2) Dhimmi mirga deebisiisuu kana ilaallatu tumaalee seera kana "waa'ee abbaa qabeenyummaa waliinii,bu'aa isaa fudhachuu fi mirgoota gurguddoo biroo" ilaallataniin raawwatamoo ta'u. (Kwt.1386-1409).

==//==

